# Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaa

## Kitaaba Barattootaa

## Kutaa 4ffaa

Qpheessitoota

Abbabaa Dheeressaa (G.Pirof)

Habtaamuu Siyyum (MSc.)

Gulaaltota

Abdiisaa Gammachuu (MA)

Birhaanuu Tasammaa (G.Pirof)

Madaaltota

Birhaanuu Dabalaa Aruusaa (Med)

Isaayyaas Tafarraa (MSc)

Mulaatuu Guddisaa  (MSc)

Giraafiksii

Solomoon Alamaayyoo Guutamaa(MA)

Fakkibsa

Joonaattaan Girmaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/20212

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Naqamteetiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA FUULA

Seensa........................................................................................V

BOQONNAA TOKKO........................................................................1

Dandeettii Sochiilee Bu'uuraa............................................................1

1.1.Sochiilee Bu'uuraa Bakkaa Bakkatti Socho'uun Dalagaman............3

1.2. Sochiilee Bakka Tokko Dhaabachuun Dalagaman............................12

1.3. Sochiiwwan Meeshaalee adda addaa Waliin Dalagaman............18

BOQONNAA LAMA.........................................................................33

Sochii Tartiibawaa Rukuttaa Sagalee Muuziqaa Waliin........................33

2.1 Sochiilee Sagalee Muuziqaa Waliin Meeshaaleetti Fayyadamuun Dalagaman.....................................................................................34

BOQONNAA SADII.........................................................................44

Hawaasummaafi Currisa Barachuu.......................................................45

3.1 Taphaafi sochii keessatti ofto'achuu shaakaluu..........................45

3.2.Taphaafi Sochii Keessatti Murtoo Kennuu Shaakaluu...................49

3.3 Taphaafi Sochii Keessatti Yaad-qalbii To'achuu............................52

BOQONNAA AFUR.........................................................................56

Ga'umsa Qaamaa..............................................................................56

4.1. Shaakala Qaamaa Humnummaa Dalagaa Onneefi Sombaa Dagaagsan...........................................................................................57

4.2 Shaakala Qaamaa Humnummaa Maashaalee.................................61

4.3 Dadacha'uu...................................................................................66

4.4 Si'aayina........................................................................................67

BOQONNAA SHAN.........................................................................73

Qiriiphaa..........................................................................................73

5.1. Dandeettii Qiriiphaa Bu'uuraa Sasalphaa Lafarrattiifi Meeshaan Dalagaman....74

5.2. Qiriiphaa Bu'uuraa....84

BOQONNAAJA`A....92

Shubbisa Aadaafi Taphoota Aadaa Sadarkaa Naannootti....92

6.1. Shubbisa Aadaa Beekamoo Naannoo Barattoonni Keessa Jiraatanii....93

6.2. Taphoota Aadaa Beekamoo Naannoo Barattoonni Keessa Jiraatanii....96

# Seensa

Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa beekumsafi ogummaa kan ofkeessatti qabu ta'ee, akkuma gosa barnoota biraa saayinsii daree keessatti baratamuufi akkasumas adda kan isa taasisu immoo dirree irratti kan hojjetamuufi shaakalamudha. Innis murna barnootaa yaad-sammuu, ilaalchaafi qaam-sammuu barattootaa guddisuufi gabbisuu keessatti bakka ol-aanaa qaba. Kana keessatti barattoonni dandeettiifi ogummaa duraan qaban, maatiifi naannoo irraa kan baratan itti dabalataan qabiyyee barnootaa kutaa kana keessaatti barreefaman barachuufi shaakaluun daran waan hundumaan guutuu jechuun; qaamaan, sammuun, hawaasummaan, hafuuraanifi currisaan akka guddataniif ga'ee guddaa qaba. Akkasumas barattoonni qabiyyee barnootaa gochaan deggarameefi haala qindaa'an baratanii dandeettii rakkoo hawaasaa hiikuufi kalaqa adda addaa uumuu nihoratu.

Faayidaawwan kanneen gabbifachuuf dhuunfaafi gareen barachuun lammii biyyaafi uummata isaa jaallatuufi hojjetu ta'uun dandeettii horachuun tajaajila barbaachisaa ta'e nikennu.

Waliigalatti kitaaba kana keessatti barattoonni mata dureewwan gurguddoo sochiiwwan bu'uuraa, dandeettii sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa waliinii, barnoota fayyaaa fi jabeenya qaamaa keessatti hawaasummaa fi currisa barachuu, fayyaa fi ga'umsa qaamaa, qiriiphaafi shubbisa aadaafi taphoota aadaa naannoo keessanii bal'inaan ni barattu.

# BOQONNAA TOKKO

## DANDEETTII SOCHIILEE BU'UURAA

### Bu'aalee Barachuu Boqonnaa kanaa

### Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Sochiilee qaamaa keessatti dandeettii sochiilee bu'uuraa sirriitti hojii irra oolchuun dalagdee ni agarsiista.
- Tapha keessatti hirmaachuun sochii bu'uuraa filatamaa ta'e adda nibaasta.
- Yeroo dandeettii sochii bu'uuraa adda addaa
- walitti makuun sochii qaamaa tapha irratti hundaa'e dalagan; jijjiirama suuta suutaan hojii irra ni oolchita.
- Wayita sochiilee bu'uuraa dalagan garagarummaa bakka tokko dhaabatanii dalaguufi bakka bakkatti socho'anii dalaguu adda baasta.
- Dandeettii sochiilee bu'uuraa gaarii ta'an dhuunfaan adda nibaasta.
- Hiriyaa fi garee kee waliin gamtaan ni hojjetta.
- Yeroo tapha gareefi sochii qaamaa keessatti hirmaattan hawaasummaafi currisa niguddifatta.
- Hirmaannaa si'ataa sochii qaamaa keessatti
- gochuun dandeettii kalaqaafi gadi-fageessanii yaaduu nidagaagfatta.

# Seensa

Ga'umsa dandeettii sochiiwwan bu'uuraa qabaachuun yokaan horachuun si'aayinafi fayyaa qaamaa dhala namaaf fayidalee ol-aanaa qabachuu isaa qorannoowwan saayinsii sochii ispoortii hedduun nimirkaneessu. Dhalli namaa uumamuu isaa irraa eegalee bakkaa bakkatti socho'uun wantoota jireenya isaaf barbaachisan hunda bu'a ba'ii jireenyaa adda addaa heedduu keessa kutuun jiraachaa turuu isaa ragaaleen seenaa ni ibsu. Haaluma kanaan barattoonni gosoota dandeettii sochiilee bu'uuraa adda addaa keessatti bal'inaan hirmaachuun isaanii jabeenya qaamaa, hirmaannaa hawaasummaa, akkasumas sammuu fayyaalessaa qabaachuufi haala jireenya guyyaa guyyaan geggeeffatan keessatti milkaa'ina akka qabaatan taasisa. Kanaafuu kutaa barnootaa kana keessaatti qabiyyeewwan dandeettii sochiilee bu'uuraa kan akka sochii bakkaa bakkatti socho'uun, bakka tokko dhaabachuunifi meeshaalee waliin dalagaman bal'inaan barattanii haala si'aayina qabuun nishaakaltu.

## 1. Dandeettii Sochiilee Bu'uuraa

Dandeettiin sochiilee bu'uuraa bakka gurguddoo sadiitti qoodama. Isaanis sochiilee bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman, sochiilee bu'uuraa bakka tokko dhaabachuun dalagamanfi sochiilee bu'uuraa meeshaalee waliin dalagamanidha.

## 1.1 Sochiilee Bu'uuraa Bakkaa Bakkatti Socho'uun Dalagaman

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban**

Xumura barannoo kanaa booda;

- Sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun hojjetaman ni ibsita.
- Faayidaa bakkaa bakkatti socho'uun sochii dalaguu nitarreessita.
- Sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun hojjetaman hojjettee ni agarsiista.

Gocha 1.1

1. Bakkaa bakkatti socho'uun sochii hojjechuu jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaa bakkaa bakkatti socho'uun sochiilee dalaguu ibsi.
3. Gosoota dandeettii sochiilee bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman adda baasii ibsi.

Dandeettiin sochiilee bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun hojjetaman jechuun sochiilee bakka tokko irraa gara bakka biraatti socho'uun hojjetamanidha.

Faayidaalee sochiileen bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman qaban keessa muraasni isaanii akka asiin gadiitti. Isaanis;

- Jabeenya maashaafi si'aayina qaamaa dabaluu
- Guddina sammuufi dandeettii yaaduu dabaluu
- Dagaagina miiraa sirnaawwaa ta'e horachuu
- Dandeettii qindoomina qaamaafi sammuu gabbisuu
- Dandeettii hubannaa dabaluufi kan kana fakkaatanidha.


Sochiileen bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman keessaa muraasni:

## A. Sochii Utaalcha Miila Tokkoo Rukuttaa Sagalee Muuziqaa Waliin

Gosti dandeettii sochii kanaa dursa miila tokkoon dhaabachuun miila faallaa dachaasuun harka qixa ciqileetti dabsuun bakka tokkoo bakka biraatti sagalee muuziqaa yokaan rukuttaa adda addaa fayyadamuun utaaluun kan dalagamudha

### Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Miila tokkoon dhaabbachuun miila isa biraa dabsuun of qopheessuu.
- Irree harkaa qixa ciqileetti dabsuun dhaabachuu.
- Miilaa ulfaatina qaamaa baatee jiruufi isa dacha'ee jiru oldiriirsuun utaaluu.
- Irree harkaafi miila humneessinee darbachuun utaaluu.
- Kanneen asiin oliitti heeraman irra deddeebiin shaakaluu


Fakkii sochii sagalee muuziqaa waliin miila tokkoon utaaluu

## B. Sochii Mucucaachuufi Fiigichaa

Mucucachuun: miila tokko gara cinaatti bal'isuun miila isa hafe walfaana butaa deemuudha. Akkasumas, miila lamaan kallattii tokkoon walfaana sochoosuun yokaan mucucachuun kan dalagamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama erga ho'ifattee booda madaala qaama eeguun dhaabachuu,
- Xiqqeessitee miila bitaa yokaan mirgaa bal'isuun isa hafe suuta butuun kallattii tokkotti mucucaachuu jalqabuu,
- Ariitii sochii dabaluun mirgaa gara bitaatti yokaan bitaa gara mirgaatti mucucaachuu shaakaluu,
- Ariitiifi humna sochichaa dabaluun irra deddeebiin madaala qaama eeguun dalaguu.



Fakkii Dandeettii sochii mucucaachuu

## Fiigicha:

Ariitiin ulfaatina qaamaa miila tokko irraa gara miila biraatti jijjiiruun wal duraa duubaan gara fuula duraatti socho'uudha.

## Akkaataa Shaakala

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Xiyyeeffannoon gara fuul-duraa ilaaluu.
- Miila tokko fuuldura gochuun miila hafe duuba gochuu.
- Madaala qaamaa miila fuuldurarra gochuun qophaa'uu.
- Miila duubarra ture gara fuulduraatti fiduun miila dabaree dabareen kaasaa fiiguu.
- Sochii harkaafi miilaa to'achuun ariitiifi fageenya dabaluun sarara qajeelaarra fiiguufi irra deddeebiin shaakaluu.



Fakkii Dandeettii Sochii fiigichaa

## C. Duubaa Gara Fuulduraatti Fiiguu

Sochii ofeegannoo cimaa barbaadu ta'e miila dabaree dabareen gara duubatti kaasuun kan fiigamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Yeroo gara fuula duraatti fiigamu xiyyeefannoon fuuldura ilaaluu.
- Yeroo gara duubatti fiigamu ariitii gadaanaa ta'een fiiguufi sochii miila kaasuu sirritti to'achuu.
- Sochii miilaafi harkaa sirritti qindeessuun gara boodaatti yeroo fiigamu qaama gara olii olqajeelchuun fiiguu.
- Dhuunfaafi gareen duuba gara duratti fiiguu irra deddeebiin shaakaluu



Fakkii Fiigicha duubaa gara fuulduratti fiigamu

## D. Fiigicha Guffachiisaarraa

Gufachiifturra darbaa fageenya murtaa'e fiiguudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Sarara ka'umsa fiigichaaf qophaa'e duuba hiriiruun ajaja barsiisaan/tuun dabaree dabareen fiigicha eegaluu.
- Gufachiiftu bira yeroo geessan miila dabareen kaasaa irra darbuu.
- Itti fufuun gufachiiftuwwan irra darbaa fiigichicha xumuruu.
- Irra deddeebiin shaakaluu



Fakkii fiigicha gufachiisaarra darbuun fiigamu

## E. Ariitiin Gufachiisaarra Fiiguun Darbuun

Fiigichi kun ofeegannoo cimaafi ariitii giduu galeessaan gufachiisaarra darbuun fiiguu kan gaafatudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Meeshaalee olka'insa xixiqqaa qabanirra darbuun fiiguu shaakaluu.
- Ka'umsa dhaabbii sirrii fiigicha gufachiisaa hora chuuf shaakaluu.
- Miila fuulduraa gara gufachiisaarratti oofuun miila itti aanuu sirritti diriirsuun gufachiisarra darbuu
- Koomee miila gara teessoo qaamatti butuun ariitiin sirriitti qubachuu.

- Olka'insa gufachiisaa suuta suuta dandeettii barattootaa waliin amma sentimeetirii 30-60 dabalaa deemuun shaakaluu.
- Gidduu gufachiisaa ariitiin fiiguufi gufachiisaarra ariitiin figanii darbuu irra deddeebiin shaakaluu.



Fakkii sochii dandeettii gufachiisaarra darbuun fiiguu

## F. Tarkaanfiin Utaaluu, Fiiguufi Dhaabachuu

Dandeettiwwan kunneen gosa sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman ta'anii sochiin miila tokkoon tarkaanfatanii miila biroon qubachuufi ariitiin fiiguun madaallii qaama to'achuun dafanii dhaabachuu irra deddeebiin dalaguu kan gaafatudha.

### Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi didiriirfachuu.
- Ariitiin deemsa tarkaanfii bal'aa fudhachuun shaakaluu.
- Miilaa tokkoon ka'uun miila biraan qubachuun fiiguufi

ariitiin dhaabachuu irra deddeebiin shaakaluu.

- Yeroo lafaa olkaanee tarkaanfannuu humna cimaa fayyadamuufi madaala qaama eegnee dhaabachuu irra deddeebiin shaakaluu.
- Kallattiifi hamma tarkaanfii akkasumas ariitii fiigichaa dabaluun dafanii dhaabachuu shaakalu.



Fakkii tarkaanfiin Utaalaa-Fiiguufi Dhaabachuu

## G. Kallattii Jijjiiraa Fiiguu

Sochii daandii jajjalarraa ykn meeshaalee lafarra kaa'aman gidduu gara bitaafi miragaatti kallatti jijjiira ariitii giddu-galeessaafi olaanaan dalagamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Meeshaalee kanneen akka koonii, pilaastiifi barat-toota muraasa dabaree dabareen fayyaadamuun sochii kallatti jijjiiruu shaakaluu.
- Koonii fi waantoota adda addaa fayyadamuun ariitiin so-

chii kallattii jijjiiruu yokaan itti naanna'uu shaakaluu
- Sochii kallattii dadabaa yokaan zigzaagii fayadamaa dalaguu.
- Ariitii sochii fi baay'ina koonii suuta suuta dabaluun shaakaluu.
- Dhuunfaafi gareen bifa taphaafi dorgommiin dalaguu.



Fakkii Sochii Kallattii Jijjiiruun fiiguu

## 1.2. Sochiilee Bakka Tokko Dhaabachuun Dalagaman

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Sochiilee bakka tokko dhaabachuun hojjetaman nitarreessita.
- Sochiilee bakka tokko dhaabachuun hojjetaman hojjettee ni agarsiista.

Gocha 1.2:

1. Sochiileen meeshaaleetti fayyadamuun hojjetaman kanneen akkamiiti?
2. Gosoota sochiilee meeshaalee waliin dalagaman tarreessi.
3. 3. Sochiileen meeshaaleetti fayyadamuun hojjetaman maaliif fayyadu?

Sochiileen kun damee sochiiwwan bu'uuraa keessaa tokko ta'anii barattoonni bakka tokko gara bakka biraatti utuu sochii hintaasisiin kan dalagamudha. Sochiilee bakka tokko dhaabachuun hojjetaman keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti ibsamanidha:

## A. Sochii qaama dabsuu yokaan dachaasuu

Sochiin qaama dabsuu yokaan dachaasuu dandeettii sochii bu'uuraa dadacha'uufi diddiriirfachuu keessaa isa tokko ta'ee sochii dhaabachuun yokaan taa'uun qaama kallattii adda addaatti dabsuudha. Kunis, gara bitaafi mirgaatti yookan oliifi qadi dabsuudha.

Fakkeenyaaf: dhaabatanii yokaan lafa taa'anii quba miilaan tuquu, gara cinaatti qaama dabsuufi kan kana fakkaatanidha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Akkaataadhaabbiiyokaantaa'umsaasirriiqabaachuu.
- Dhaabachuun yokaan taa'uun qaama mudhii olii gara mudhii gadiitti dabsuufi quba miilaa tuquu.
- Suuta suuta amma sochii dabalaa deemuun yeroo dhukkubbiin nuti dhagahamu dhaabuu.



Fakkii Qaama Dabsuu yokaan Dachaasuu


## B. Sochii Miila Olkaasuu (Gara Fuulduraattifi Cinaatti)

Sochiin kun maashaalee qaamaa cimaa akka qabaannuuf nugargaara.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Jilba dachaasuun dabaree dabareen gara qomaatti olkaasuu.
- Miila dabaree dabareen gara cinaatti kaasuun deebisuu

- Madaala qaama eeguun miila dabaree dabareen gara cinaattiifi oliifi gadi kaasuun irra deddeebi'uun shaakaluu.



Fakkii Miilaa Kallatti Garaa Garatti Olkaasuu

## C. Sochii Qaama Diddiriirfachuu

Sochii ulfaataa tokko osoo hinjalqabiin dura qaama keenya didiiriirsuufi harkisuun sochii itti aanuuf ofqopheessuuf yeroo hedduu kan itti fayyadamnudha. Faayidaan isaas miidhama sochii qaamaa keessatti mudachuu malu hir'isuuf kan gargaarudha.

### Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuun qophaa'uu.
- Qixa gateettii keenyatti miila walirra butuun dhaaba-chuu
- Koomee miilaa olkaasuu, harka lamaan walfaana olkaas-uufi qabanii turuu
- Morma harka waliin gara bitaafi mirgaatti dabsuun harkisuu
- Lakkoofsa tokkorraa hanga jahatti lakkaa'uufi achu-matti qabuu
- Gadijechuun harkaan quba miilaa tuquu akkasumas qaa-ma oliifi gadii sirriitti walitti harkisuu

- Irra deddeebiin kallatti hundatti shaakaluu.





Fakkii Sochii Diddiriirfachuu

### D. Sochii Mudhii Naannessuu

Sochii harkaan mudhii qabachuun hojjetamu ta'ee qaama mudhiirratti gara kallatti hundaatti naanneessuun kan dalagamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Miila bal'ina gateettiin waliirra butuun harka lamaaniin mudhii qabachuun dhaabachuu.
- Kallattii bitaatti yookan mirgaatti mudhii naanneessuu.
- Kallattii jijjiiraa irra deddeebi'uun mudhii naanneessuun shaakaluu.



Fakkii Bakka tokko dhaabachuun mudhii naannessuu

## E. Qaama Kallattii Bitaafi Mirgaatti Micciiruu

Sochii qaama mudhii olii kallattii garaagaraatti harkisuun yookan hiixachuun kan dalagamudha.

### Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Dhaabbii sirrii qabachuun harka qixa qomaatti walitti fiduun dhaabachuu.
- Suuta suuta gara mirgaafi bitaatti dabaree dabareedhaan qaama micciiruu.
- Harka lamaan gara cinaatti bal'isuun ariitiin wal-qaxxaamursaa irra deddeebiin shaakaluu



Fakkii Sochii Qaama Micciiruu

## 1.3. Sochiiwwan Meeshaalee adda addaa Waliin Dalagaman

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Sochiiwwan meeshaalee waliin hojjetaman nihimta.
- Sochiiwwan meeshaalee waliin hojjetaman hojjettee ni agarsiista.

Gocha 1.3:

1. Sochiileen meeshaaleetti fayyadamuun hojjetaman kanneen akkamiiti?
2. Gosoota sochiilee meeshaalee waliin dalagaman tarreessi.
3. Sochiileen meeshaaleetti fayyadamuun hojjetaman maaliif fayyadu?


Dandeetiiwwan kun adeemsa jiruufi jireenya barattootaa keessaatti faayidaalee olaanaa kan qabudha. Barattoonni dandeetiwwan sochii kanaa yoo qabaatan akka salphaatti meeshaalee yokaan kubbaawwaan harkaan, miilaan fi qaama biroon to'achuuf kan isaan gargaarudha. Sochiileen dandeettii kana cimsanis asiin gadiitti bal'inaan ibsamanii jiru. Isaanis kanneen akka:

## A. Fageenyarratti Meeshaalee Darbachuu


Sochiilee meeshaa waliin dalagaman keessaa tokko ta'e barattoonni erga meeshaa darbatamu sana gutummaa guututti to'annoo isaanii jala oolfatanii booda sochii raawwatudha. Darbannaan kunis harka tokkoon darbachuufi harka lamaan mataa oliin darbachuudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi didiriirfachuu
- Meeshaa darbatamu harkatti qabachuu
- humna darbachuuf ga'aa ta'e walitti qabachuuf harka bal'isuun qophaa'uu
- Harka kubbaa qabatee jiru olfuudhuufi harka biro fuulduratti diriirsuu
- Ulfaatina qaamaa waljijjiiruun kubbaa darbachuu.
- Irra deddeebi'anii shaakaluun dandeettii ofii guddifachuun nidanda'ama.



Fakkii Harka Tokkoon yokaan Lamaan Mataa Olitti Darbachuu



Fakkii Fageenyarratti Kubbaa Darbachuun Waliif Kennuu

## B. Sochii Kubbaa Miilaan Dhiituu, Dhaabuufi Kubbaa Rarra'ee Dhiituu

### I. Kubbaa Irra Deddeebiin Dhiituu;

Kubbaa olka'insa gabaabaa qabu to'annoo ofii jala galchuun dandeettii irra dedeebiin rukkutaa turuudha. Sochii kana keessatti qaamota kanneen akka irra keessa miilaa, sarbaa, qomaafi gateettii fayyadamuun kubbaa to'achuun kan taphatamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuun qophaa'uu
- Lafa wal-qixxaataafi gufachiisarraa bilisa ta'e filachuu
- Namni tokko kubbaa tokko qabachuun kubbaa olka'insa gabaabaan rukkutaa turuu shaakaluu.
- Bakka bakkatti socho'uun kubbaa miilaan, jilba, sarbaa fi qaama biroon itti bu'aafi to'achaa deemuu.
- Sochiifi amma olka'insa kubbaa rukkutamuu sirritti to'achaa madaala qaamaa sirritti eeguun dalaguu.
- Gochaawwan asiin oliitti eeraman irra dedeebiin shaakaluun dandeetti cimsachuu.



Fakkii Kubbaa Olka'insa Gabaabaan Irra Deddeebiin Dhiitaa Turuu

### II. Kubbaa Miilaan Dhaabuu (Qabachuu)

Sochiin kun kan dalagamu kubbaa miilaan olrukkutuun ta-phataan kubbaa qabachuun, miila lamaan gidduu asiifi achi oofuun olka'iinsa gabaabaan si'a sadiifi isaa ol erga rukkutee booda dhaabuu, qabachuufi kubbaa iddoo birarraa dhufe

dhaabuun kan dalagamuudha. Kunis sochii kubbaa lafarraa dhufu dhaabuufi kubbaa qilleensarraa dhufu qabachuu gudiffachuuf kan gargaarudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu
- Dhaabbii qaamaa sirreeffachuun dhaabachuu
- Suuta suuta kubbaa olrukutuufi qabachuu shaakaluu
- Suuta kubbaa olka'insaan dhufu dhaabuu irra deddeebbiin shaakalu
- Sochii waliin si'a shan kubbaa olkaasuun yokaan rukkutuun qabachuu.
- Kubbaa qamoota akka laphee, gateettiifi keessoo miilaa fayyadamuun kubbaa dhaabuu.
- Kubbaa lafarra deemtuufi qileensarra deemtuu dhaabuu irra deddeebiin shaakaluu.



Fakkii Sochii Kubbaa Dhaabuu Yokaan Qabachuu

## III.Sochii Kubbaa Mukkatti Rarraatee Jirtu Dhiituu

Sochiin kun kan dalagamu kubbaarratti haadaa yokaan funyoo hidhuun mukatti rarraasuun asiifi achi socho'uufi ofirra naanna'uun kubbaa ariitiin dhiituudhaani.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirrittii ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Kubbaa mukatti hidhamee jiru duubaa gara duraatti fiiguun dhiituu.
- Kubbaa mukkatti rarraatee jirtu miila mirgaafi bitaan dabareen dhiituu.
- Gara cinaatti tarkaanfii fudhannee deebi'uun kubbaa dhiituu.
- Ofirra naanna'uun deebinee kubbaa dhiituu.
- Bakka dhaabbiirratti fiiguun kubbaa miila waljijjiiruun dhiituu irra deddeebiin dalaguu




Fakkii Kubbaa Mukatti Rarra'ee Jiruu Dhiituu

## C.Sochii Kubbaa Olrukkutuun Waliif Dabarsuu

Kubbaa miilaan olrukkutuufi dabarsuu jechuun kubbaa si'a afur, shan, ja'afi isaa ol rukkutuun kan waliif dabarsuun yokaan gara gooliitti dhiituun dalagamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Dhaabbii qaamaa sirreeffachuun dhaabachuun kubbaa oldhiituufi dabarsuu.
- Kubba si'a lama olkaasuun hiriyyaaf dabarsuu shaakaluu.
- Kubba miila mirgaafi bitaa waljijjiiruun olrukkutuun waliif dabarsuu.
- Suuta suuta amma rukuttaafi kallattii sochii dabaluun shaakaluu.
- Si'a shaniifi isaa ol rukkutuun kubbaa waliif dabarsuu shaakaluu.




Fakkii Kubbaa Oldhiituufi Waliif Dabarsuu

## D. Meeshaalee Sochiirra Jiru Rukkutuu

Meeshaa sochiirra jiru rukkutuuf dursa kallattii meeshichi ittiin dhufaa jiruu xiyyeeffannoon ilaaluu. Akkasumas, humnafi ariitii meeshaan sochiirra jiru sun qabu adda baasuun qophii barbaachisu taasisuun rukkutuudha

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirrittii ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Kallattiifi ariitii meeshaan ittiin dhuftu ilaaluun rukkutuu.
- Hanga meeshaan sun ulfaatu adda baasuun humnaafi ariitii sochii meeshaan wal-gituun rukkutuu.
- Fageenya meeshaa sochiirra jiruu tilmaamuun harka dheeressuun yokaan gabaabsuun rukkutuu.
- Madaalafi iddoo itti meeshaalee sochiirra jiran itti rukkunnu irra dedeebbiin shaakaluun dandeeticha cimsachuu.



Fakkii Meeshaalee sochiirra jiru rukkutuu

## E. Sochii Kubbaawwan Lama Oldarbachuun Qabachuu

Harka keenya lamaan irratti kubbaa erga qabannee booda harka mirgarraa gara harka bittaatti oldarbachuun qabachuudha. Kana jechuun, kan mirgarraa darbatame bitaan qabuufi kan bitaan darbatame mirgaan qabuudha. Sochii kana dalaguuf barattoonni shaakala xiyyeeffannoofi qindoomina qaamaa qabaachuun daran barbaachisaadha.

## Akkaataa Shaakkalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Kubbaa lama lama dhuunfaan qopheeffachuu.
- Kubbaa lamaan harkatti qabachuufi harkaa harkatti suutaan dadabarsuun qabachuu shaakaluu.
- Kubbaa harkaan qabannee jirru olka'iinsa madalawaa ta'een asiifi achi darbachuun qabachuu shaakaluu.
- Ariitii kubbaa oldarbatamuu suuta suuta dabaluun irra deddeebbiin harkaa harkatti dabarsuu shaakaluu.




Fakkii Kubbaa Laama Oldarbachuufi Qabachuu

## F. Sochii Kubbaa Miilaan Lafa Tuqsiisanii Dhiituu

Sochiin kun kubbaa qabachuun lafa buusanii yeroo kubbittiin lafa tuqxee kaatu miilaan fageessanii dhiituu, hiriyyaaf kennuufi fageenya gabaabaatti dhiituun kan taphatamudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Kubbaa sirritti harkaan lafa tuqsiisuun dhiituu shaakaluu.
- Kubbaa harkaan lafa tuqsiisuun erga kaate waliif yokaan gara galitti dhiituu shaakaluu.
- Kubbaa iddoo birarraa dhuftee lafa tuqxee kaate dhiituu shaakaluu
- Fageenyaafi ariitii kubbaa suuta suuta dabalaa deemuun shaakaluu




Fakkii Kubbaa Lafa Tuqsiisanii Dhiituu

## G. Kubbaa Sochiirra Jirtu Dhiituu

Sochiin kun kubbaa lafarraan yokaan qilleensarra dhuftu osoo hindhaabiin deebisanii dhiituu yokaan rukkutuudha. Yeroo kanatti, ariitii, qindoomina qaamaafi humna itti fayyadamuun madaaluun barbaachisaadha.

### Akkaataa Shaakalaa

- Qaama keenya sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Kubbaa sochii ariitii gadaanaa qaburratti suuta shaakalaa adeemu.
- Kubbaa lafarra socho'u hiriyyaaf kennuun fageenya gabaabaafi dheeraan waliif dhiituu.
- Kubbaa lafarra olka'insa gabaabaa qabdu dhiituu shaakaluu.
- Akka dandeettiin barattootaa dabalaa dhufeen ariitiifi humna kubbaa dabaluun shaakaluu.
- Garee nama lama qabuun kubbaa sochiirra jirtu waliif dabarsuu shaakaluu
- Bifa tapha garee xixiqqaan uumuun shaakaluu irra deddeebiin dalaguu.




Fakkii Kubbaa Sochiirra Jirtu Dhiituu

## H. Sochii Ofirra Naanna'uun Kubbaa Dhiituu

Kubbaa sochiirra jirtu yokaan dhaabattee jirtu waliif yeroo dabarsinu ofirra naanna'uudhaan dhiituudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirritti ho'ifachuufi diddiriirfachu.
- Kubbaa malee ofirra naanna'uu irra deddeebbiin akkaataa dhaabbii kubbaa dhiituu waliin shaakaluu.
- Naanna'uun akkaataa dhaabbii kubbaa dhuunfaan dhiituu shaakaluu
- Kubbaa haadaatti hidhuun rarraafnee ofirraa naanna'uun dhiituu
- Nama lamaafi isaa oliin kubbaa ofirra naannofnee dhiituun waliif kennuu shaakaluu
- Kubbaa namatti yokaan koonii gidduu bahuun dhiituu shaakaluu.



Fakkii Ofirra Naanna'uun Kubbaa Dhiituu

## Cuunfaa Boqonnaa

Dandeettiiwwan sochii bu'uuraa iddoowwan gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman, sochiilee bakka tokko dhaabachuun dalagamanifi sochiilee meeshaalee adda addaati fayyadamuun dalagamanidha.

Dandeettiiwwan sochiilee bu'uuraa qindaa'aa shaakala sochii qaamaa keessatti haala walitti fufinsa qabuun hirmaachuun daa'immaniif faayidaalee asiin gadii qaba, isaanis fayyaa qaamaaf, jabeenya maashaa qaamaaf akkasumas guddina sammuu daa'immanii, hawaasummaa isaan manneen barnootaafi naannoo keessa jiraatan keessatti qabaatan cimaa akka ta'uufi ofitti amanamummaa horachuuf isaan gargaara. Akkaataa qorannoowwan adda addaa mirkaneessanitti dandeettiwwan sochiilee bu'uuraa daa'immanii guddisuu kan danda'amu yoo daa'imman walitti fufinsaan sochiilee qaamaa adda adda keessatti haala qindaa'aa ta'een hordofamanii sochii qaamaa bifa hawwachiisaafi taphaan wal-makaa ta'een dalaganidha.

Walumaagalatti daa'imman sochii qaamaa keessatti hirmaannaa cimaa akka qabaataniif tumsi qaamolee addaa addaa leecalloofi meeshaalee ispoortii manneen barnootaa keessatti guutuuf taasisu, tumsii maatiin barattoota isaaniif taasisanifi tumsi ogeessi sochii saayinsii qaamaa daa'immaniif

yeroo addaa addatti taasisu daa'immaan dandeettii uumamaan qaban baasanii akka agarsiisaniif gahee olaana qaba.

## Gilgaala Boqonnaa Kanaa

I. Gaaffiiwwan asiin gadii sirriitti dubbisuun hima sirrii ta'e `DHUGAA` kan sirrii hintaane immoo `SOBA` jechuun deebisi.

1. Dandeettiin sochiilee bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman jabeenya maashalee guddisuuf hingargaaran.
2. Sochiileen bakka tokko dhaabachuun dalagaman daa'immaniif qindoomina qaamaa guddisuuf iddoo olaana qaba.
3. Daa'imman dandeettiiwwan sochii meeshaalee waliin dalagaman keessaatti si'aayinaan hirmaachuun taphachuun hawaasummaa isaanii cimsachuuf isaan gargaara.
4. Mudhii naanneessuun sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun dalagaman keessatti ramadama.

II. Gaaffilee asiin gadii keessaa isa deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen asii gadii keessaa gosa sochiilee dandeettii bu'uuraa bakka tokko dhaabachuun dalagamu isa kami?

   A. ofirra naanna'uu   B. fiigicha

   C. utaalcha   D. deemsa

2. Kanneen asiin gadii keessaa gosoota sochii bu'uuraa

meeshaalee walinii keessatti kan hammatamu isa kami?

A. Kubbaa dhiituu B. kubbaa qabachuu

C. ulfaatina kaasuu D. hunda

3. Sochii bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uun dalagamani kan ta'e kami?

A. diddiriiruu B. miilaa tokkoon utaalaa deemuu

C. qaama dabsuu D. dadacha'uu

4. Faayidaa sochii bakka tokko dhaabatanii hojjechuu kan ta'e kami?

A. dandeettii bu'uuraa madaala qaamaa eeguu cimsuu

B. dandeettii bu'uuraa bakkaa bakkatti socho'uu cimsa

C. si'aayina qaamaa cimsuu D. hunduu deebiidha

5. Sochii meeshaalee waliin hojjetamu keessaa ariitiifi humna olaanaa kan barbaadu isa kami?

A. Fageenyarratti kubbaa darbachuu

B. Gareen kubbaa darbachuufi qabachuu

C. kubbaa sochiirra jirtu dhiituu

D. hunduu deebiidha

## III. Gaaffiwwan asiin gadiif deebii sirrii ta'e barreessi

1. Dandeettii sochii bu'uuraa sadan barreessi?
2. Dandeettii sochiilee bu'uuraa meeshaalee waliin dalagamaniif fakkeenya sadii barreessi?

# BOQONNAA LAMA

## SOCHII TARTIIBAWAA RUKUTTAA SAGALEE MUUZIQAA WALIIN

### Bu'aalee barachuu boqonnaa kana

### Boqonnaa kana baratte erga xumurte booda:

- Rukuttaa sagalee muuziqaa fayyadamuun sochii taartibawaa tokko irraa gara biraatti jijjiiruun ni agarsiifta.
- Dandeettii sochii rukuttaa sagalee muuziqaa sirrii uumuun nihojjetta.
- Hiriyaa/garee waliin shubbisa sochii rukuttaa muuziqaa saffisa rukuttaa adeemsa dhaabataa qabu waliin wal simsiisuu nigabbifatta.
- Sochii tartiibawaa rukuttaa sagalee muuziqaa gara garaa keessatti sadarkaa cimina isaa nihubatta.
- Ga'umsa qaamaa walii galaa nigonfatta.
- Sochii tartiibawaa rukuttaa sagalee muuziqaa fayyadamuun hawaasummaafi currisa nigabbifatta.
- Dhuunfaan sochii rukuttaa sagalee muuziqaa waliinii kalaqxee ni agarsiista.
- Sochii tartiibawaa rukuttaa sagalee muuziqaa waliin dalagamu nidinqiisifatta.
- Shubbisaafi sochii tartiibawaa irratti waan sirriifi sirrii hinta'iin irratti yaadaa nikennita.

# Seensa

Sochiilee meeshaa muuziqaa yokaan riitimii rukuttaa waliin wal-simsiisuun dandeettii sochii bu'uurawaa barattoonni gabbifachuu qabaniif baayyee barbaachisaadha. Boqonnaa kana keessatti immoo dandeettii sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa meeshaa adda addaa yokaan kubbaa fayyadamuun dalagamuufi dandeettii sochii tartiibawaa uumuu irratii xiyyeeffatanii kan barattan ta'a.

## 2.1 Sochiilee Sagalee Muuziqaa Waliin Meeshaaleetti Fayyadamuun Dalagaman

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Sochiilee tartiibawaa meeshaaleetti yokaan kubbaatti fayyadamuun dalagaman adda nibaasta.
- Sochii tartiibawaa meeshaa yokaan kubbaa waliinii ni uumta, akkasumas nidinqisiifatta.
- Sochii tartiibawaa meeshaa yokaan kubbaa waliinii hojjettee ni agarsiista.

Gocha: 2.1

1. Sochii tartiibawaa meeshaalee yokaan kubbaa waliini hojjetaman tarreessi.
2. Faayidaan sochii rukuttaa muuziqaa meeshaalee yokaan kubbaa waliin hojjetaman maal fa'i?

Riitimii yokaan rukuttaa jechuun turtee yeroo sochii waan tokko ittiin raawwatamuudha. Haala kanaan turteen yeroo ariitii, suutaanifi giddu-galeessaan kan wal caalan ta'a. Sochiin tartiibawaa meeshaalee adda addaa yokaan kubbaa waliinii daa'imman kan dalagan sagalee meeshaalee muuziqaa, riitimii yokaan rukuttaa isaa hordofuun sochiilee tartiibawaa akka dalagan gargaara.

## Faayidaalee sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa waliin

- Dandeettii bashananaafi gammachuuf barbaachisan dagaagsuuf.
- Ga'umsa qaamaafi dhaabbii qaamaa sirrii akka qabaannuuf.
- Currisa bilisa ta'e akka qabaannuufi guddifannuf.
- Madaalafi qindoomina qaamaa dagaagsuuf.
- Dandeettiifi ga'umsa kubbaa guddisuuf.
- Dandeettiifi hubannaa sagalee muuziqaa gara sochiitti jijjiiruuf.
- Dandeettii sochii shubbisaa guddisuufi kan kana fakkaatanidha.

## A. Rukuttaa Sagalee Muuziqaa Waliin Ulfaatina Sochii Dabalaa Deemuu

Sagalee muuziqaa waliin ulfaatina sochii dabalaa deemuu, jechuun rukuttaa sagalee muuziqaa waliin suuta suuta sochii tartiibawaa dabaluu yokaan sochii tokko irraa gara sochii biraatti jijjiiraa deemuun kan dalagamudha.

i. Sochii tartiibawaa kubbaa waliin harkaan hojjetamu

## Akkaataa shaakalaa


- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Gareen tokko yeroo harka rukkutu, gareen biraa immoo sagalee rukuttaa hordofuun dhaabatanii harka laman dabaree dabareen kubbaa oldarbachuun qabachuu.
- Harki yeroo walitti rukkutamu lakkaa'aa tarkaanfii fudhachuun kubbaa darbachuun qabachuu.
- Sagalee muuziqaa hordofuun taa'aa ka'aa harka lamaan kubbaa oldarbachuun qabuu.
- Sagalee muuziqaa hordofuun dandeettiin dabalaa yeroo deemu harka tokkoon dabaree dabareen kubbaa ol-darbachuufi qabachuun irradeddeebiin shaakaluu.
- Haaluma kanaan suuta suuta sochii tokko gara sochii biraatti jijjiiruun irra deddeebiin shaakaluu (bakka tokko dhaabachuun, deemsaan, taa'anii ka'uun, ofirra garagaluun kubbaan osoo lafa hinbu'iin shaakaluu.



Fakkii Tarkaanfiin kubbaa ol-darbachuun qabuufidhaabatanii harka lamaan kubbaa ol-darbachuun qabuu



Fakkii Walitti fufinsaan taa'aa ka'aa kubbaa ol-darbachuun qabuu




Fakkii Harka tokkoon kubbaa ol-darbatanii qabuu

ii. Sochii tartiibawaa kubbaa waliin miilaan hojjetamu

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Sagalee muuziqaa hordofuun dhaabatanii osoo hinfageessiin walitti fufinsaan kubbaa dhiituufi dhaabuu.
- Sagalee muuziqaa hordofuun tarkaanfiin kubbaa dhiituufi dhaabuu irra deddeebiin shaakaluu.
- Sagalee muuziqaa yokaan riitimii rukuttaa harkaan yokaan miilaan, dibbeenfi ulee sm30 irraa tolfame wal-qixaa lama walitti rukkutuun bifa tartiibawaa ta'een sagalee faaruu adda addaa fayyadamuun sochii kubbaa dhiituun dhaabuu shaakaluu.
- Haaluma kanaan suuta suuta sochii tokko gara sochii biraatti jijjiiruun irra deddeebiin shaakaluu (bakka tokko dhaabachuun, deemsaan, taa'anii ka'uun, ofirra garagaluu kubbaa dhiituun dhaabuu, bakka tokko dhaabachuunifi socho'uun miilaan, jilbaanifi mataan kubbaan osoo lafa hin bu'iin irra deddeebiin rukkutuun shaakaluu).



Sagalee meeshaalee muuziqaa yokaan rukuttaa hordofuun bifa dhaabbiin kubbaa dhiituufi osoo lafa hin buusiin miilaan, sarbaan yookan mataan irra deddeebiin rukkutuu.



Sagalee meeshaalee muuziqaa yokaan riitimii rukuttaa hordofuun bifa tarkaanfiin yokaan deemsaan kubbaa dhiituufi dhaabuu.

Walumaagalatti, kutaa kana keessatti barattoonni Sagalee meeshaalee muuziqaa yokaan riitimii rukuttaa hordofuun suuta suuta yokaan sochii tokko irraa gara sochii biraatti jijjiiruun kubbaa ol-darbachuun qabuufi kutaa qaamaa adda addaan dhiituufi dhaabuun shaakaluun dandeettii sochii tartiibawaa kubbaa waliinii gabbifachuu nidanda`u.

## B. Rukuttaa Sagalee Muuziqaa Waliin Sochii Tartiibawaa Uumuu

Dandeettii rukuttaa sagalee muuziqaa waliin sochii tartiibawaa dhuunfaanfi gareen uumuu

Dandeettii sochii tartiibawaa yokaan riitimii rukuttaa dhuunfaanifi gareen dalagaman uumuun akkasumas

waanta naannoo keetti argamu irratti hundaa'uun yokaan fayyadamuun sochii qaamaa waliin wal-qabsiisuun barattoota daree keef dhiyeessi.

Fakkeenyaaf:

- Gareen duraa duubaan wal-hordofuun geengoo fuula dura jiru keessa riitimii rukuttaa hordofuun utaalaa deemuu



Sochii tartiibawaa geengoo keessaa

## C. Rukuttaa Sagalee muuziqaa waliin gareen shubbisuu

Sochiin Kun barattoonni gareen ta'uun rukuttaa sagalee muuziqaa hordofuun shubbisa tartiibawaa ta'e kan dalagani dha. Kanaaf barattoonni akkaataa qabatama naannoo isaaniitti faaruu rukuttaa muuziqaa tokko filachuun garee garee isaaniin sochii tartiibawaa meeshaa maleefi meeshaatti fayyadamuun hojjechuu, shaakaluufi agarsiisuu nidanda'u.



Fakkii sochii tartiibawaa shubbisa garee

## Cuunfaa Boqonnaa kanaa

Sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa waliinii dhuunfaan yokaan gareen hojjechuun nuffii malee dalagaa sochii qaamaa hojjechaa turuufi sochii qaamaa hawwataa taasisuuf gargaara. Sochiilee bakkaa bakkatti socho'uun meeshaalee adda addaa yokaan kubbaa waliin dalagaman rukuttaa meeshaalee muuziqaa waliin walsimsiisanii dalaguun irra caalaatti bu'a qabeessummaa sochiilee dagaagsuu nidanda'a. Sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa hordofuun gareen hojjetaman keessaa muraasni isaanii bifa geengoo uumuun shubbisa yokaan sochii qaamaa sagalee muuziqaa hordofuun shaakaluu, hiriyyaa waliin sagalee muuziqaa hordofuun harkaafi miila walitti buusuun shaakaluufi kan kana fakkaatanidha.

Walumaagalatti shaakala sochii qaamaa yeroo addaa addaatti bakka garaa garaatti rukuttaa riitimii muuziqaafi sagalee muuziqaa waliin walsimsiisuun dalaguun yeroo sochii qaamaa dhiphinayokaan dhiibbaa sochii qaamaa jiru dagachuun akka salphaatti nuffii malee dalagaa turuuf nugargaara.

## Gilgaala Boqonnaa kanaa

I. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun hima sirrii ta'e 'Dhugaa', hima sirrii hintaane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Dandeettiin sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa guddinaafi qindoomina qaama barattootaaf ga'ee hinqabu.
2. Dandeettiin sochii tartiibawaa kubbaa waliinii barattoonni dandeettii kubbaa taphachuu ijoollummaa kaasanii akka gabbifataniif nigargaara.
3. Dandeettiin sochii bu'uurawaa dandeettii sochii tartiibawaa kubbaa waliiniif bu'uura guddaadha.
4. Dandeettiin sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa shaakala malee gabbifachuun nidanda'ama.

II. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun deebii qubee sirrii ta'ee filadhu

1. Dandeettiin sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa

ilaalchisee Soba kan ta'e isa kami?

A. Ofitti amanamummaa niguddisa

B. Dandeettii currisaa nigabbisa

C. Dhaabbii fi boca qaamaa nisirreessa

D. Dandeettii shubbisaa nihir`isa

2. Dandeettii sochii tartiibawaa yokaan riitimii rukuttaa sagalee muuziqaa bifa kamiin dalaguu dandeenya?

A. Dhuunfaadhaan    C. Gareedhaan

B. Hiriyyaa waliin    D. Hundi deebii nita'u

3. Dandeettii sochii tartiibawaa yokaan riitimii rukuttaa sagalee muuziqaa dagaagfachuuf sochiin barbaachisu isa kami?

A. Kubbaa darbachuufi qabachuu

B. kubbaa dhiituufi dhaabuu

C. Utaalcha    D. Hundi deebii nita'u

## III. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e barreessi.

1. Faayidaalee sochii tartiibawwaa sagalee muuziqaa waliin hojjetaman keessaa shan barreessi.

2. Gosoota dandeettii sochii tartiibawaa sagalee muuziqaa waliin dalagaman afur barreessi.

# BOQONNAA SADII

# HAWAASUMMAAFI CURRISA BARACHUU

## Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

## Boqonnaa kana barattee erga xumurte booda:

- Dandeettii bu'uuraa of-onneessuufi yaada gaarii hojiirra ni oolchita.
- Rakkoo uumameef sababa ga'aa waliin furmaata nikennita.
- Maloota ittiin xiyyeefannoofi hubannoo dagaagfatan hojiirra ni oolchita.

## Seensa

Barnoota fayyaafi jabeenya qaamaa keessatti sochii qaamaa shaakaluun murteessaafi baayyee barbaachisaadha. Sababni isaas guddina qaamaa, sammuu, hawaasummaa, hafuuraafi currisa barattootaa dagaagsuufi dhaloota waan hundaan guutuu ta'e horachuuf ga'ee ol-aanaa waan qabaatuufidha. Kanaaf barattoonni shaakala sochii qaamaa bifa taphaan qindaa'e manneen barnootaa keessattifi alatti bifa idileen yoo shaakalan faayidaafi bu'aalee irraa argaman gonfachuu nidanda'u.

Boqonnaa kana keessatti taphaafi sochii keessatti ofto'achuu, of-onneessuufi Yaada gaarii qabaachuu.

Akkasumas, taphaafi sochii keessatti murtoo kennuuf rakkoo adda baasuufi rakkoo ibsuu. Taphaafi sochii keessatti yaad-qalbii ofii to'achuun dandeettii hubannaafi xiyyeefannaa barattoonni ittiin shaakaluu qaban gadi fageenyaan nibarattu.

## 3.1 Taphaafi sochii keessatti ofto'achuu shaakaluu

1. Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Dandeettii of-toa'chuu nidagaagfatta.
- Taphaafi sochii adda addaa keessatti tooftaalee ittiin of-to'atan nigabbifatta.
- Taphaafi sochii adda addaa keessatti hirmaachuun dandeettii of-to'achuu ni agarsiista.

Gocha: 3.1

1. Of-to'achuu jechuun maal jechuudha?
2. Tooftaalee dandeettii of-to'achuu guddisan barreessi.
3. Sochiilee qaamaa dandeettii ofto'achuu guddisan tarreessi.

Ofto'achuu: jechuun dandeettii barattoonni yaada isaanii, gochaa isaaniifi currisa/miira isaanii ittiin ofbulchan yokaan ittiin ofgeggeessanidha.

## Akkaataa dandeettii ofto'achuu guddisan

- Karaa sirriifi qajeelaa ta'een ofhubachuu yokaan ofilaaluu.
- Yaada, gochaafi miira qaama keenyaa wal simsiisuufi ofto'achuu.
- Sadarkaa miira ofii guyyaa guyyaatti beekuufi ofto'achuu.
- Kaayyoo ofii galmaan ga'uuf hojjechuu.
- Cimina ofii beekanii itti fayyadamuu (taphoota adda addaa keessatti).

## Barbaachisummaa dandeettii ofto'achuu

- Miira fayyaalessaafi ofitti amanamummaa olaanaa akka qabaatan taasisa.
- Ilaalcha eenyummaa isaaniif qaban adda baasanii beekuuf isaan gargaara.
- Maaliif akka baratanifi hojjetan beekuuf isaan gargaara.
- Kallattii ittiin ofto'atanfi ofjijjiiran isaanitti agarsiisa.
- Galma ga'umsa akka qabaataniif isaan gargaara.

## Sochiilee qaamaa dandeettii ofto'achuu guddisan

Fakkenya: Tapha gareen taphatamufi dhuunfaan taphatamu kanneen akka tapha kubbaa miilaa, saaphanaa, gareen wal-hari'uun taphachuu, sochii qiriiphaa, fiigichafi kan

kana fakkaatani keessatti rakkoo uumuu irra of to'achuun taphachuudha. Akka tasaas yoo rakkoon uumame of to'achuu danda'uudha.

## 3.1.1 Of-Onneessuu Shaakaluu

Of-onneessuu:-jechuun humna yokaan kaka'umsa keessaa ta'ee, waan tokko akka raawwannuuf yokaan galmaan geenyuuf kan nu kakaasudha.

### Qabiyyee of-onneessuu shaakaluu

- Fedha qabaachuu.
- Galma ga'umsaaf murannoo qabaachuu.
- Wantoota nu mudatan irratti olaantummaa qabaachuuf carraaquu.
- Yaada gaariifi mo'ataa qabaachuu.

### Taphaafi sochii keessaatti akkaataa of-onneessuu shaakaluu

- Galma qabaachuu
- Galma keenyaaf hojjechuu
- Karoora qabaachuu
- Galmaafi karoora xixiqqaa qabaachuu (guyyaatti kan hojjetamu)
- Suuta suuta itti fufinsaan hojjechuu
- Of-badhaasuu
- Dhiibbaa hiriyyaa sirrii qabaachuufi dandamachuu.

### 3.1.2 Yaada gaarii qabaachuu shaakaluu

Yaada gaarii:-jechuun haala gaariin namoota ilaaluufi ilaalcha gaarii ofiif qabaachudha.

### Akkaata yaada gaarii horachuun ittiin shaakalamu

- Yaada ofii beekuufi qalbeeffachuu.
- Yaadaf galateeffannaa qabaachuu.
- Yaada gaarii ofitti dubbachuu.
- Waan gaarii hojjechuu.
- Namoota yaada gaarii qaban waliin jiraachuu, hojjechuufi kan kana fakkaatani dha.

Fakkenyaaf:- taphaafi sochii keessatti faayidaafi bu'aa tapha sanaa ilaaluu caalaa, hiriyyaa waliin taphatu bu'aaf jettee miidhaa akka irraan hin geenye. Kanaaf taphaa booda gammachuu waliinii akka qabatamuuf gargaara.



Fakkii gochaa yaada gaarii

## 3.2 Taphaafi Sochii Keessatti Murtoo Kennuu Shaakaluu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Haala sirrii hintaane keessatti ilaalcha adda addaa fudhachuun, furmaataafi mala barbaaduu nigabbifatta.
- Taphaafi sochii qaamaa keessatti dandeettii murtee kennuu dagaagfachuun akka danda'amu nidinqisiifatta.
- Akkaataafi sochiilee qaamaa murtee kennuu dagaagsan nitarreessita.

Gocha:3.2

1. Murtee kennuu jechuun maal jechuudha?
2. Tooftaaleefi sochiilee dandeettii murtee kennuu guddisan barreessi.

**Murtee kennuu:** Jechuun dandeettii gocha yokaan adeemsa waa'ee dhimma tokkoof guddunfa irra ga'uun furmaata kennuudha. Waluumaagalatti dandeettii waan tokkoof filannoo tolchuu yokaan karaa sirriifi dhugaa ta'een, miira keenyaaf hawaasa karaa hinmiineen murtoo itti gochuudha. Innis qulqullina, naamusaafi safuu hawaasaa irratii kan hundaa'e ta'uu qaba.

## Barbaachisummaa murtee kennuu

- Barattoonni yaadota murtee kennuu keessatti yeroo hirmaatan, murtee sirriifi dhugaa argame irraa gammachuufi itti quufinsa akka argatan taasisa.
- Barattoonni tajaajilaafi muuxannoo gaarii akka horatan gargaara.
- Barattoonni amala murtoo kennuu gabbifachuun yaadan bilchaataafi ga'eessa akka ta'an gargaara.
- Dhugaa addunyaa kana irra jirtu akka hubataniifi beekaniif.
- Gara fuul-duraatti carraa hojii filachuuf kallattii itti agarsiisa.

## Tartiiba barattoonni murtee kennuu ittiin shaakalan

1. Rakkoo adda baasuu
2. Haala yeroo madaalanii beekuu
3. Murtee kennamu itti yaaduufi xiinxaluu
4. Rakkoo sanaaf furmaata kennuu
5. Naamusaafi itti gaafatamummaa ilaalcha keessa galchuu
6. Madaaluufi murtee kenname ibsuu

### 3.2.1 Rakkoo adda baasuu

Rakkoo adda baasuun tartiiba murtee kennuu keessaa isa jalqabaa ta'ee, odeeffannoo sirrii waa'ee taatee tokkoo walitti qindeessuu dha.

Fakkeenyaaf:- Taphaafi sochii kubbaa miilaa keessatti murteessaa ta'anii rakkoon yeroo uumamu yokaan taphatoonni yeroo walitti bu'an, rakkoo sana sirriitti adda baasuu shaakaluudha.

### 3.2.2 Rakkoo ibsuu

Rakkoo ibsuun tartiiba murtee kennuu keessaa isa dhumaa ta'ee, odeeffannoo sirrii waa'ee taatee tokkoo walitti qindeefame ilaaluun murtoo kennamuufi rakkicha ibsuudha.

Fakkeenyaaf:- Taphaafi sochii kubbaa miilaa keessatti murteessaa ta'anii rakkoon yeroo uumamu yokaan taphatoonni yeroo walitti bu'an, rakkoo sana sirriitti adda erga baasanii booda murtoo kennuuf kan dandeesisiisu odeeffannoo waa'ee rakkoo sanaa sirriitti ibsuu shaakaluu dha.

**Dandeettiin murtee kennuu sochiilee qaamaa asiin gadii keessatti daran dagaaguu nidanda'a**

1. Tapha hattuufi poolisaa
2. Taphoota kubbaa, sochii qiriiphaafi kanneen adda

addaa gareen wal-qoqqooduun, gareen lama waliin yeroo taphatan, kanneen hafan akka murteessaatti murtee kennuun taphachuu (taphoota kubbaan taphataman, tapha teenisa miinjaalaa, tapha shenkeelloofi kan kana fakkaatanidha).

## 3.3.Taphaafi Sochii Keessatti Yaad-qalbii To'achuu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Taphaafi sochii keessatti akkaataa yaad-qalbii itti to'atan nihubatta.
- Taphaafi sochii yaad-qalbii ittiin to'atan nidinqisiifatta.
- Taphaafi sochii yaad-qalbiin keessatti to'atamu nishaakalta.


Gocha:3.3:

1. Yaad-qalbii to'achuu jechuun maal jechuudha?
2. Taphaafi sochiilee Yaad-qalbii to'achuu guddisan eenyu fa'i?

Yaad-qalbii to'achuu:- jechuun dandeettii raawwii hojii tokkoo qofarratti xiyyeeffachuun sirriitti hubachuudha. Kanaaf, barattoonni yeroo barsiisaan shaakala sochii qaamaa adda addaa barsiisuufi agarsiisu haala gaariin

hubbachuuf xiyyeeffachuun yokaan yaad-qalbii ofii sochicha irra yoo taasisan jijjiirama barbaachisu fiduu nidanda'u.

Fakkeenyaaf:-jabeenya qaamaa mudhii olii gabbifachuuf, sochii lafa dhiibanii ka'uu yeroo barsiisaan barattootatti agarsiisu; barattoonni akkaataa sochii hubachuuf xiyyeeffannoon ilaaluun sirriitti hojiirra akka oolchaniif gargaara.



## 3.3.1 Hubannaa Shaakaluu

Hubannaan: raawwii taatee tokkoo dandeettii ittiin ilaalludha.

Fakkeenyaaf:- taphaa yookan sochii haaraa duraan hinbeekne tokko yeroo arginu, dursa waliigala akkaataa taphasanaa ilaallamalee, tokkoo tokkoo akkaataa sochii qaama keenyaafi raawwii tapha sanaa adda baafnee hinilaallu.

## 3.3.2 Xiyyeeffannoo Shaakaluu

Xiyyeeffannoon: dandeettii yaad-qalbii ofii to'achuudha. Akkasumas dandeettii hubannoo sammuu ofii waan tokko qofarra gochuudha.

Fakkeenyaaf:- sochii lafa dhiibanii ka'uu barsiisaan yeroo barattootatti agarsiisu, sochii harkaa, miilaafi qaama waliigalaa irra deddeebiin xiyyeeffannoo itti kennuun hubachuu danda'uudha.

## Hubannoofi xiyyeeffannoo ofii cimsachuuf:

- Sagalee naannoo ofiitii dhaga'amu hir'isuufi bakka qofaa ta'e filachuu.
- Al-tokkotti hojii baayyee hojjechuu dhiisuu.
- Gadi fageessanii qilleensa ofitti fudhachuufi baasuu.
- Irriba gahaa rafuu.
- Boqonnaa fudhachuu.
- Sammuu ofiifi yaada ofii uumamarra gochuu.
- Shaakala qaamaa gochuu.
- Wantoota sammuu namaa bilisa godhan dhaggeeffachuu.
- Nyaata gahaa nyaachuu.

## Cuunfaa boqonnaa kanaa

Taphaafi sochiilee qaamaa keessatti dandeettii ofto'achuu akkamiin shaakaluun akka danda'amu, Kunis of-onnachisuufi yaad-qalbii gaarii qabaachuu ofkeessatti akka haammatu.

Sochiilee qaamaa keessatti barattoonni ofitti amanamummaan murtoo kennuu akkamitti akka isaan

shaakalaniifi adeemsota keessa darbamuun murteen kennamu keessa rakkoo adda baasuufi rakkoo ibsuun ijoo akka ta'an.

Taphaafi sochii keessatti yaad-qalbii ofii to'achuun hubannaafi xiyyeefannoo cimsachuu shaakaluun nidanda'ama.

## Gilgaala Boqonnaa Kanaa

I. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun hima sirrii ta`e 'DHUGAA' yoo sirrii hin taane 'SOBA' jechuun deebisi.

1. Sochiilee qaamni keenya annisaa fayyadamuun raawwatu kamiyyu shaakala qaamaa jedhama.
2. Dandeettii barattoonni yaada isaanii, gochaa isaaniifi currisa/miira isaanii ittiin ofbulchan yokaan ittiin ofgeggeessan of-to'achuu jedhama.
3. Dandeettii gochaa yokaan rakkoo tokkoof furmaata barbaaduun murtee kennuu jedhama.

II. Gaaffilee asiin gadiif deebii siirrii ta'e barreessi

1. Tooftaalee dandeettii ofto'achuufi murtee kennuu guddisan barreessi.
2. Shaakala Sochiilee qaamaa dandeettii yaada gaariifi yaad-qalbii dagaagsan naannoo keessanitti beekaman barreessi.

# BOQONNAA AFUR

# GA'UMSA QAAMAA

## Bu'aalee Barachuu boqonnaa kanaa

Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Shaakala ga'umsa qaamaa dagaagsan adda nibaasta.
- Shaakala umurii waliin wal-gitu dalaguun ga'umsa qaamaa nidagaagfatta.
- Shaakala qaamaa adda addaa keessatti hirmaachuun ilaalcha gaarii nimul'ista.

## Seensa

Shaakalli sochii qaamaa ga'umsa qaamaaf baayyee murteessaadha. Fayyaan adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti daran barbaachisaadha. Shaakalli qaamaa dhala namaaf faayidalee kanneen akka ga'umsa qaamaa dabaluu, si'aayina guddisuu, fayyummaa qaamaafi sammuu, hawaasummaafi currisa cimsuu keessatti ga'ee olaanaa akka qabu qorannoon adda addaa nimirkaneessa.

Kanaaf barattoonni manneen barnootaa keessatti kallattiin shaakala sochii qaamaa qindaawaa keessatti yoo hirmaatan bu'aalee kanneen gonfachuu nidanda'u. Boqonnaa kana keessatti shaakala qaamaa humnummaa dalagaa onneefi sombaa dagaagsan, humnummaa maashaalee, dadacha'uufi si'aayina dagaagsan bal'inaan nibarattu.

## 4.1. Shaakala Qaamaa Humnummaa Dalagaa Onneefi Sombaa Dagaagsan

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Shaakala qaamaa humnummaa dalagaa onneefi sombaa dagaagsan adda nibaafatta.
- Shaakala qaamaa humnummaa dalagaa onneefi sombaa dagaagsan nidinqisiifatta.
- Shaakala qaamaa humnummaa dalagaa onneefi sombaa dabalan ni hojjetta.

Gocha:4.1

1. Shaakala qaamaa humnummaa onneefi sombaa cimsuuf gargaaran himi.
2. Dalagaa onneef sombaa cimsuuf maal gochuu qabna?

Humnummaa onneefi sombaa jechuun dandeettii onneen, sombiifi ujummoon dhiigaa dadhabbii tokko malee yeroo dheeraaf dalaguuf qabanidha.

Humnummaan dalagaa onneefi sombaa barbaachisummaa hedduu qabu. Isaanis fayyummaa qaamaa yeroo dheeraa argachuuf, dhukkuba daddarbaa hinta'iin irraa walaba ta'uuf, onnee muddama irraa walaba ta'e qabaachuuf, maashaa onneefi sombaa cimaa qabaachuuf, dhiigni ga'aa ta'e qaama keessa akka deddeebi'u gochuufi dhiigni diimaan oksijiinii

baayyinaan akka ofkeessatti qabaatu gochuuf kan kana fakkaatanidha. Shaakalli qaamaa humnummaa dalagaa onneefi sombaa dagaagsan keessaa kanneen asiin gadi kan shaakaltan ta'a.

### A. Dhuunfaafi Gareen Haadaarra / Funyoorra/ Utaaluu

Utaalchi funyoo humnummaa onneefi sombaa cimsuu keessatti gosoota sochii jiran keessaa baayyee gaarii ta'ee bakkamaraattihaalasalphaatiindalagamuukandanda'amudha. Utaalchi funyoo faayidaalee asiin gadii qaba. Isaanis:

- Cooma qaama namaa keessaa gubuufi ulfaatina qaamaa hir'isuuf.
- Qabiyyee qaamaa madaalawaa qabaachuuf.
- Cimina maashaalee onneefi sombaaf dabaluuf.
- Humnummaa maashaa qaama keenyaa dabaluuf.
- Qindoomina sochii qaamaafi dandeetti sochii tartiibawaa cimsuuf.
- Si'aayina qaamaafi dandeettii sochii barattootaa cimsuuf.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Dhaabbii sirrii dhaabachuu.
- Gateettii diriirsuufi bilisa gochuun dhaabachuufi sochoosuu.

- Harka qixa walakkaa qaamaa yokaan giddu-galeessa qaamaatti qabachuu.
- Funyoo mataa oldabarsuufi lafa tuqsiisaa ofirra naanneessuun suuta utaaluufi ariitii giddu galeessaan jalqabuu.
- Erga funyoorra/haadarra utaallee booda salphisnee suuta lafa qubachuu.
- Jilba haala salphaan sochoosuufi sochii miila keenyaa kallattii sochii jilbaan sirriitti walsimsiisuun utaaluu.
- Walitti fufinsaan amma dandeenye ariitiin utaaluu.
- Haaluma kanaan dursa miila lamaan altokkotti haadarra utaaluu shaakaluu.
- Erga dandeettiin keenya dabalaa dhufee booda immoo miila tokkoon funyoorra dhuunfaafi gareen utaaluun shaakaluu.
- Tartiibaafi rukuttaa sochiifi muuziqaa eeguun gareen dalaguu.




Fakkii Utaalcha funyoo dhuunfaa, hiriyyaafi garee waliin dalagaman

## B. Harkaafi miila gara cinaatti diriirsuun erga utaalanii booda deebisanii sassaabbachuu

Sochiin harkaafi miila gara cinaatti diriirsuun erga utaalanii booda deebisanii sassaabbachuun irra deddeebiin kan hojjetamudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Miila walitti butuun harka lamaan gadi diriirsuun dhaabachuu.
- Ol-utaaluun amma bal'ina gateettii keenyaatti miila gargar banuufi harka gara cinatti diriirsuun gara mataa olitti kaasuu.
- Gara cinaatti harkaafi miila diriirsuufi dhiphisuun
- utaaluu
- Haaluma kanaan irra deddeebiin shaakaluu.




Fakkii Gara cinatti harkaafi miila diriirsuufi dhiphisuun utaaluu

## 4.2 Shaakala Qaamaa Humnummaa Maashaalee

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Hiika shaakala qaamaa humnummaa maashaalee dagaagsan nihimta.
- Shaakala qaamaa humnummaa maashaalee cimsuuf gargaaran nidinqisiifatta.
- Shaakala qaamaa humnummaa maashaalee cimsuuf gargaaran hojjettee ni agarsiista.

Gocha:4.2

1. Humnummaa maashaalee qaamaa jechuun maali?
2. Ga'umsa humnummaa maashaaleef sochiileen gargaaran maal fa'ii?
3. Humnummaa maashaalee cimaa qabaachuun faayidaa maalii qaba?


Humnummaa maashaalee jechuun dandeettii maashaan qaama keenyaa dadhabbii tokkoo malee irra deddeebiin yeroo dheeraaf humna burqisiisuuf qabudha. Sochiileen humnummaa maashaalee dagaagsuuf gargaaran hedduu jiran keessaa muraasni isaanii;

## A. Harka Gara Cinatti Kaasuu

Dandeettii humnummaa onneefi sombaa sochiilee dagaagsan keessaa tokko ulfaatina xiqqoo waliin harka gara cinatti yeroo dheeraaf diriirsuun tursuudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Dhaabbii qaamaa sirrii qabaachuu.
- Harka lamaan irratti meeshaa wayii qabachuun gara cinaatti diriirsuun deebisuu.
- Yeroo muraasaaf akkuma diriirsanitti tursuu.
- Dandeettiin humnummaa erga dabaleen booda harki akkuma diriiree jirun gara fuuladuraatti diriirsuu.
- Turtii yeroofi irra deddeebii dabaluun dabaree dabareen shaakaluu.



Fakkii Sochii harka gara cinatti ulfaatina baachuun diriirsuu/kaasuu

## B. Harka wal-qaxxaamursuu

Sochiin kunis humnummaa maashaa harkaa dagaagsuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.

## Akkaataa Shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Miila adda banuun dhaabbii sirrii dhaabachuu.
- Harka laman gara cinaatti diriirsuu.
- Harka laman gara cinaatti diriiree jiru, gara fuula duraatti fiduun wal-qaxxaamursuufi bifa ``X`` uumuu.
- Harka bakka duraatti deebisuun irra deddeebiin yeroo dheeraaf shaakaluu.



Fakkii Sochii harka wal-qaxxaamursuu

## C. Lafa Harkaan Dhiibanii Ka'uu/Puush Aappii


Lafa dhiibanii ka'uun gosoota sochii shaakala qaamaa humnummaa maashaalee cimsan keessaa isa tokko ta'ee jabeenyaafi humnummaa maashaalee mudhii olii kanneen

akka maashaa irree harkaa, maashaa laphee, maashaa gateettiifi morma keenyaa cimsuuf faayidaa olaanaa qabudha. Faayidaan lafa dhiibanii ka'uun qaama keenyaaf qabu keessaa muraasni;


- Ofitti amanamummaa cimsuuf
- Jabeenya maashaa qaamaa dabaluuf
- Ulfaatina qaamaa hirrisuuf
- Bocaafi dhaabbii qaama sirrii ta'e qabaachuufi kan kana fakkaatanii dha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Ofirra gadi taa'uun qaamaa gara duubaatti diriirsuun (dubarrimmoo jilbaan lafarra jilbeefachuun) harkaan lafa qabachuu.
- Harka sirrii gateettiiti/qomatti gochuun diriirsuu.
- Qaama sirriitti diriirsuun madaallii isaa eeganii qabuun gadiifi ol sochii gochuun morma gara fuulduratti bakka tokkotti jabeessanii qabuu.
- Irree harkaa digirii sagaltama dabsuun amma dandeenye ulfaatina qaama keenyaa gadiifi olii baachuun dalaguu.
- Marsaa sadiifi isaa ol amma dandeenye dalaguun humnummaa maashaalee qaama cimsachuu.



Fakkii Sochii lafa dhiibanii ka'uu (kan dhiiraa)



Fakkii Sochii Lafa dhiibanii ka'uu (kan dubaraa)

## D. Quphanuun Utaaluu

Quphanuun utaaluun humnummaa maashaalee mudhii gadi dagaagsuuf ga'ee guddaa qaba.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Dhaabbii qaama sirreeffachuun dhaabachuu
- Miila qixa gateettii keenyaa xiqqoo caalchisuun addaan banuu.
- Harka gara fuula duraatti diriirsuun qaama mudhii olii qajeelchanii gadi akka quphanuu ta'uun deebi'anii ol utaaluu.
- Ga'umsi qaamaa dabalaa yeroo deemu akkuma quphananii jiraniin gara fuuladuraatti irra deddeebi'uun utaaluu.



Fakkii Quphanuun Utaaluu

## 4.3 Dadacha'uu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Hiika dadacha'uufi faayidaa isaa ni ibsita.
- Shaakalaa sochii dadacha'uu ni tarreessita.
- Shaakalaa sochii dadacha'uu nidalagda.

Gocha:4.3


1.Dadacha'uu jechuun maal jechuudha?

2.Shaakalli sochii dadacha'uu faayidaa akkamii qaba?

3.Shaakalli sochii qaamaa dadacha'uu dagaagsan maal fa'i?

Dadacha'uu jechuun dandeettii qaamni keenya mitikaa/ buusaa/irrattikallattiisocha'uudanda'uttisocho'uufqabudha.

Shaakalli sochii dadacha'uu kun humnummaa maashaa ujummoo dhiigaa cimsuufi dhiigni qaama keenya keessa kallattii adda addaatti bilisaan akka socho'uuf gargaara. Dadacha'uun sochii yeroo hunda dalagamaniifi sochii buusaawwaan hundaa yoo ta'an, innis kutaalee qaama keenyaa kanneen akka morma, mudhii, harkafi miila mitikaa /buusaa/ irratti kallattii socha'uu danda'utti dachaasuu kan of keessaa qabudha.



Fakkii Quphanuun Utaaluu

## 4.4 Si'aayina

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Hiika si'aayina qaamaa sirriitti nihimta.
- Faayidaa shaakalli si'aayinaa qaamaa fayyaaf qabu nidinqisiifatta.
- Shaakala sochii si'aayina qaamaa dagaagsan nihojjetta.

Gocha:4.4

1. Si'aayina qaamaa jechuun maal jechuudha?
2. Si'aayina qaamaa dalaguu keessatti waantootni dagatamuu hinqabne maal fa'i?

Si'aayina qaamaa jechuun dandeettii namni tokko sochii keessatti dafee ariitiidhaan kallattii sochii jijjiiruuf qabudha. Kaayyoo sochii kanaas saffisa olaanaan galmaan ga'uudha. Akkaataa qorattoonni saayiinsii sochii qaamaa hedduun ibsanitti si'aayina qaamaa jechuun "dandeettii atileetiin tokko saffisa olaanaa keessatti osoo yeroo hinfudhatiin haala sirrii ta'een kallattii sochii jijjiiruu danda'uuti" jechuun hiikanii jiru.


Shaakala si'aayinaa qaamaa keessattii yeroo mara dandeettii ilaaluufi eessatti murtoo kennuun akka danda'amu dursanii beekuunifi saffisaan kallattii sochii jijjiiruu danda'uun baayyee murteessaadha.

### Akkaataa saffisaan kallattii sochii jijjiiruun ittiin gabbifa-tan

- Tooftaalee sochii cimaa qabaachuu
- Saffisaan fiiguu danda'uu
- Cimina olaanaa maashaa miilaa qabaachuu
- Boca qaamaa sirrii ta'eefi shaakala qaamaa cimaa qa-baachuu
- Jabeenyaafi humnummaa maashaa qabaachuu
- Bitaafi mirgaan maashaa qaamaa wal-madaalaa ta'e qabaachuun baayyee barbaachisaadha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama ofii sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Shaakala qaamaa ariitiin irra deddeebi'anii dalaguu.
- Meeshalee adda addaatti fayyadamnee (koonii, minjaalafi kubbaawwan) bifa bu'aa ba'ii yokaan jajallaan bakka qabsiisuun gidduu isaani ariitiin darbuun shaakaluu.
- Meeshaaleetti osoo hin bu'iin gidduu darbuufi saffisaan kallattii jijjiiruu irratti xiyyeeffachuun dalaguu.
- Sochii ariifachiisaa keessaatti madaallii qaamaa eeggachuufi yeroo kallattii jijjiirru akka salphaatti ofirra naanna'uu irra deddeebiin shaakaluu.
- Sochii marsaa tokkoo yeroo xumurru amma marsaa biraa eegallutti sirriitti boqochuufi kan kana fakkatanidha.




Shaakala si'aayinaa qaamaa kan agarsiisudha.

## Cuunfaa Boqonnaa kanaa

Shaakalli sochii qaamaa dhala namaaf faayidaa olaana qaba. Faayidaaleen shaakala qindaawaa sochii qaamaa keessaa muraasni kanneen akka fayyummaa qaamaafi xiin-sammuu akkasumas hawaasummaa cimaa qabaachuudha. Karaa biraan dhalli namaa shaakala walitti fufaafi idilaawaa kan taasisu yoo ta'e dhibeewwan adda addaa dandamachuufi addunyaa sochii qaamaa keessatti morkataa cimaa ta'uu nidanda'a jedhame amanama. Shaakallii sochii qaamaa idilaawaan ga'umsa qaamaa cimsuuf, humnummaa onneef sombaa akkasumas humnummaa maashaalee qaamaa hirmaattotaa shaakala sochii qaamaa suuta suutaan akka cimaa adeemuuf ga'ee olaanaa kan taphatudha.

Humnummaa onneef sombaa sochiileen dagaagsan kanneen akka utaalcha funyoo, harka kallattii adda addaatti diriirsuun socho'uu, fiigichaafi quphanuun utaaluudha. Shaakala humnummaa maashaalee qaamaa sochiilee dagaagsan keessaa muraasni lafa dhiibanii ka'uu/puush aappii, dadacha'uu, mukatti rarra'uun olba'uu/puul aappii, si'aayina qaamaafi kan kana fakkatanidha.

## Gilgaala boqonnaa kanaa

**I. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun hima sirrii ta'e 'DHUGAA' yoo sirrii hin taane immoo 'SOBA' jechuun deebisi.**

1. Shaakalli qaamaa humnummaa onneefi sombaa cim suuf daran barbaachisaadha.
2. Dadacha'uun gosa shaakala qaamaa humnummaa on neefi sombaa ibsan keessaa isa tokkodha.
3. Utaalchi funyoo si'aayina qaamaa cimsuuf gargaara.
4. Si'aayinni qaamaa humnummaa maashalee qaamaa cimsuuf iddoo olaanaa qaba.

**II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisii.**

1. Kanneen asiin gadii keessaa faayiidaa sochii qaamaa idilaawaa dalaguu kan ta'e isa kami?
   A. Cimina maashaalee qaamaa dabaluu
   B. Dandeettii dhukkuboota adda addaa dandama chuu horachuu
   C. Ispoortii adda addaa keessatti dorgomaa ta'uu
   D. Hunduu deebiidha.
2. Gosa shaakala sochii humnummaa onneefi sombaa jalatti kan ramadamu isa kami?
   A. Puush aapii
   B. Puul aapii
   C. Utaalcha funyoo
   D. taa'uufi ka'uu

3. Shaakala sochiilee humnummaa maashaalee qaamaa cimsuuf kan garagaaru isa kami?
   A. Harka kallattii adda addatti diriirsuun socho`uu
   B. Dadacha'uu
   C. Lafa dhiibanii ka'uu
   D. Si'aayina qaamaa

4. Dandeettii shaakala fayyaafi gahumsa qaamaa kees saa tokko ta'ee, sochii ariifachiisaa keessatti kallattii sochii jijjiiruuf kan gargaaru?
   A. Si'aayina
   C. dadacha'uu
   B. Quuphanuun ka'uu
   D. Utaalcha funyoo

5. Shaakala sochiilee dandeettii buusaa qaama keenya kallattii addaa addaatti diddiriirsuuf gargaaru isa kami?
   A. Utaalcha funyoo
   C. Dadacha'uu
   B. Si'aayina qaamaa
   D. Quphanuun utaaluu

## II. Gaaffilee asiin gadiif deebii gabaabaa barreessi

1. Faayidaanshaakalaqaamaaidilaawaanqabumaalfa'i?
2. Gosoota shaakala qaamaa humnummaa onneefi sombaa cimsan keessaa yoo xiqqaate sadii barreessi.

# BOQONNAA SHAN

# QIRIIPHAA

## Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Dandeettii qiriiphaa bu'uuraa adda addaa nidalagda.
- Shaakala madaala qaamaafi ofirra garagaluu dalagdee ni agarsiista.
- Faayidaa sochiilee qiriiphaa nihubatta.

## Seensa

Sochiileen qiriiphaa walumaagalatti bakka lamatti qoodamuun beekamu. Isaanis qiriiphaa bu'uuraa/walabaafi qiriiphaa meeshaa fayyadamuun dalagaman jedhamu. Haa ta'u malee boqonnaa kana keessatti barattoonni sochiilee qiriiphaa bu'uuraa barbaachisoo ta'an nibaratu. Innis barattoonni sochiilee tartiibawaa dalaguun dandeettii madaala qaamaa, si'aayina, dadacha'ina, qindoomina qaamaafi humnummaa akka dagaagfataniif kan gargaaru dha.

Sochiileen qiriiphaa bu'uuraa, sochiilee isaan kaanif barbachisaafi bu'uura waan ta'aniif barattoonni umrii gadii keessatti haala gaariin yoo barataniifi shaakalan ga`umsa qaamaafi fayyummaa isaanii ittiin eeggachuuf isaan gargaara. Boqonnaa kana keessatti sochiilee qiriiphaa bu'uuraa sasalphaa lafarrattifi meeshaan dalagaman bal'inaan nibarattu.

# 5.1. Dandeettii Qiriiphaa Bu'uuraa Sasalphaa Lafarrattiifi Meeshaan Dalagaman

Ga`umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Qiriiphaa bu'uuraa sasalphaa lafarrattiifi meeshaan dalagaman addaan baastee nihimta.
- Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa sasalphaa lafarrattiifi meeshaan dalagaman nitarreessita.
- Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa sasalphaa lafarrattiifi meeshaan dalagaman hojjettee ni agarsiista.

Gocha:5.1

1. Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa sasalphaa lafaarrattiif meeshaan dalagaman keessaa kan beektan himaa.
2. Faayidaan qiriiphaa maal fa'i?

## Faayidaa sochiilee qiriiphaa

- Jabeenya qaamaafi humna dabala
- Dadacha`ina gaarii qabaachuuf
- Qindoomina qaamaa dabaluuf
- Hamma sochii qaamaa keenyaa akka beeknuuf
- Miira madaalawaafi xiyyeeffannoo dagaagsuuf
- Ofitti amanamummaa dagaagsuuf
- Dandeettii ispoortii kanneen biraa horachuuf

- Walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuuf
- Sammuufi qaama bashannansiisuuf
- Madaala qaamaa horachuufi kan kana fakkaatan dagaagsuuf gargaara.

## 5.1.1 Deeggarsaan afata irra addaan dhaabachuu


Addaan dhaabachuun dandeettii bu'uuraa barattoonni yeroo ofirra gaggaragalan madaala qaama ofii eeggachuu akka danda`aniif kan gargaarudha. Sochii kana keessatti namoonni deeggersa Kennan, barattoonni ariitiin ofirra osoo hingaragaliin qaama isaanii ciqilee irra gochuun suuta miila olkaasuu akka danda'an gochuudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Dursa qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Bakka itti hojjennu irra dhaabachuu.
- Lafarra gadi taa'uudhaan jilba lafa tuqisiisuun ciqilee harkaan lafa qabachuun boca rog-sadee hojjechuu.
- Jilba ciqilee harkaa kofa digirii sagaltama ($90^0$) uumuun irra kaa'uu.
- Addaan bakka rog-sadeen hojjetame kaa'uudhaan yokaan lafa tuqisiisuudhaan mudhiifi miila irra teessuma isaanii olkaasuu.
- Namoonni deeggarsa kennan miila barattootaa lamaan qabanii olkaasuun deeggarsa barbaachisu

kennuu.

- Harkaan sirriitti lafa qabachuun qaama ofii qajeelchanii dhaabachuufi irra deddeebiin shaakaluu.




Tartiiba qiriiphaa addaan dhaabachuu


## 5.1.2 Deeggarsaan harkaan lafa qabatanii gara cinaatti garagaluu

Harkaan lafa qabatanii cinaatti garagaluun sochii qiriiphaa yokaan jiminaastikii bu'uuraa keessaa isa tokko ta'ee, seera mataa isaa danda'e kan qabudha. Tuqaaleen asiin gadii akkaataa tartiiba hojii isaa kan agarsiisu waan ta'eef, haalaan hordofuun shaakaluu barbaachisa.

### Akkaataa shaakalaa

- Dursa qaama ofii sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Fuula gara duraatti gochuun sirriittii dhaabachuu.

- Harka lamaan mataa olitti kaasuufi miila bitaa/ mirgaa ol-kaasuu.
- Jilba dabsuudhaan tarkaanfii tokko gara fuula duraatti deemuu.
- Ulfaatina qaamaa miila isa fuula duraa irratti oolchuu yokaan dabarsuu.
- Harka isa bitaatiin/mirgaatiin lafa qabachuu.
- Miila isa bitaa/mirgaa ol-facaasuudhaan ariitiin ulfaatina qaamaa miila isa haferra gochuun lafa gadi dhiibuu.
- Miilli yeroo sochii kana hojjennu akka kooraa irra yaabbataniitti addaan banamuu qaba.



Harkaan lafa qabatanii gara cinaatti garagaluu

### 5.1.3 Muka dalgee madaala qaamaa irra miila tokkoon dhaabachuufi bifa " V" n taa'uu

Muka dalgee madaala qaamaa irra miila tokkoon dhaaba-chuufi bifa "V" n taa'uun sochiilee qiriphaa bu'uuraa lafaafi

meeshaa irratti dalagaman keessaa tokko ta'anii, jabeenya qaamaa mudhii gadiifi olii, akkasumas madaala qaama keenyaa gabbisuu keessatti bakka guddaa qabu.

### A. Muka dalgee madaala qaamaa irra miila tokkoon dhaabachuu

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Muka dalgee madaala qaamaa irra olba'uu.
- Madaala qaama ofii sirriitti eeggachuun miila tokko ol-kaasuun dhaabachuuf yaaluu.
- Akka sirriitti madaala qaama keenyaa eeggannuuf harka tokko gara cinatti diriirsuun, harka tokkoon immoo miila ol ka'e qabuun irra deddeebiin shaakaluu.


### B. Lafa yokaan muka dalgee madaala qaamaa irra bifa " V "n taa'uu

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Lafa irra gad-taa'uun miila lamaan ol-kaasuu.
- Gara miila ol ka'eetti qaama mudhii olii walitti fiduu.
- Harka lamaan qixa miila ol ka'een sirriitti diriirsuu.
- Taa'umsa lafaa osoo hin kaasiin hanga kofa digirii

45 tti bifa " V " uumuun irra deddeebiin shaakaluu.

- Dandeettiin dabalaa yeroo deemu muka dalgee madaala qaamaa irratti bifa wal fakkaataan shaakaluu.





Muka dalgeerra miila tokkoon dhaabachuufi lafarra bifa "V " n taa'uu

## 5.1.4 Sochii sasalphaa muka dalgee madaala qaamaa irratti dalagamu


Sochiin muka dalgee madaala qaamaa irratti dalagamu, sochii qiriphaa meeshaa keessaa isa tokko ta'ee, maashaafi madaala qaama ofii sirriitti eeguuf harka lamaan gara cinaatti diriirsuun sochii suuta hojjetamudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Muka dalgee madaala qaamaairratti sochiin irratti dalagamu irra yaabbachuu.
- Harka lamaan gara cinaatti sirriitti diriirsuu.
- Madaala qaama ofii siirriitti eeguun miila duraa

duubaan muka dalgee madaala qaamaa irra suuta deemsisuu.

Xiyyeeffannoon amma dhuma muka dalgee madaala qaamaatti deemuun, ofirra deebi'uun gara bakka jalqabaatti deemuufi sochiilee sasalphaa ta'an irra deddeebiin shaakaluu.



Muka dalgee madaala qaamaa irratti sochii sasalphaa dalaguu

## 5.1.5 Sochii Taakii, Paayikiifi Istiraadilii


## A. Taakii (tuck)

Taakii jechuun: - taa'uun yokaan utaaluun harka fuula duratti diriirsuufi miila lamaan waliitti fiduu jechuudha.

Sochiin kun lafarratti yokaan muka dalgee madaala qaamaa irratti dalagamuu kan danda'udha. Innis bifa dhaabbii sirrii sochii qiriphaaf kan barbaachisudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Harka sirriitti gara fuula duraatti diriirsuufi miila lamaan walitti fiduun yokaan walitti qabuun bifa ofirra gad-taa'uu irra deddeebiin dalaguufi shaakaluu.
- Dandeettiin dabalaa yeroo deemu lafarratti bifa utaalchaan harka fuula duratti diriirsuufi miila lamaan waliitti fiduun shaakaluu.
- Haala qabatama naannoo yokaan mana barumsaa irratti hundaa'uun yoo mijataa ta'e muka dalgee madaala qaamaa irratti shaakaluu.



Bifa dhaabbii sirrii taakiin taa'uufi utaaluu


### B. Paayikii (Pike)

Paayikii jechuun: - lafaafi meeshaa irra taa'uun yokaan Utaaluun qilleensa irratti miilaafi harka wal-tuqsiisuu jechuudha.

Sochiin kunis bifa dhaabbii qiriphaa keessaa isa tokko ta'ee, innis lafa taa'uun yokaan bifa utaalchaan qilleensa irratti miilaafi harka wal-tuqsiisuudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Lafarra taa'uun miilaafi harka sirriitti diriirsuun wal-tuqsiisuu.
- Dandeettiin dabalaa yeroo deemu bifa utaalchaan miilaafi harka sirriitti diriirsuun qilleensa irratti wal-tuqsiisuu.
- Haala qabatama naannoo yokaan mana barumsaa irratti hundaa'uun yoo mijataa ta'e muka dalgee madaala qaamaa irratti shaakaluu.



Bifa dhaabbii sirrii paayikiin taa'uu

## C. Istiraadilii (straddle)

Istiraadilii jechuun: - taa'uun yokaan utaaluun miilaafi harka gargaar banuudha.

Sochiin kunis akkuma sochiilee asiin olii bifa dhaabbii qiriphaa keessaa tokko ta'ee, lafa taa'uun yokaan utaaluun qilleensa irratti miilaafi harka sirriitti gargaar banuun shaakaluudha. Akkasumas meeshaa muka dalgee irrattis madaala qaamaa eeguun nidalagama.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Lafa taa'uun miilaafi harka sirriitti gargaar banuu.
- Dandeettiin dabalaa yeroo deemu bifa utaalchaan qilleensa irratti miilaafi harka sirriitti gargar banuu.
- Haala qabatama naannoo yokaan mana barumsaa irratti hundaa'uun yoo mijataa ta'e muka dalgee irratti madaala qaamaa eeguun miilaafi harka sirriitti gargar banuun shaakaluu.





Bifa dhaabbii sirrii istraadiliin taa'uufi ol-utaaluu

### 5.1.6 Harkaan lafa tuquun boodatti garagaluun dhaabachuu (Round off technique)

Harkaan lafa qabatanii ofirra garagaluun duubatti naanna'anii dhaabachuun, sochii qiriphaa lafarraa keessaa isa tokkoofi baayyee barbaachisaa kan ta'edha. Innis sochii harkaan lafa qabatanii gara cinatti garagaluu waliin kan wal fakkaatu ta'ee, adda kan isa godhu yeroo garagalan ofirra naanna'uun miila lamaaniin lafa qubachuudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Harka lamaan ol-kaasuufi miila duraa duubatti wal dabarsuun dhaabbii sirrii dhaabachuu.
- Gara lafaatti gad- jechuun harka lamaaniin wal duraa duubaan lafa tuquu.
- Miila lamaan qilleensa irra gochuun ofirra naanna'uu.
- Ofirra naanna'uun, Harka fuula dura taasisuun dhaabbii sirriin lafa qubachuufi irra deddeebiin shaakaluu.



Harkaan lafa tuquun boodatti garagaluun dhaabachuu

## 5.2 Qiriiphaa Bu'uuraa

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Qiriiphaa bu'uuraa addaan baastee nihimta.
- Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa nitarreessita.
- Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa hojjettee ni agarsiista.

Gocha:5.2

1. Qiriiphaa bu'uuraa jechuun maal jechuudha?
2. Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa beektan hima.
3. Gosoonni qiriiphaa bu'uuraa maal fa'i?

## Hiika qiriiphaa bu'uuraa


Qiriiphaa bu'uraa jechuun gosa qiriiphaa keessaa tokko ta'ee, shaakala sochii qaamaa tartiibawaa meeshaalee kanneen kan akka afataa, funyoo/haadafi waantota xixiqqoo fayyadamuun dandeettii jabeenya qaamaafi dadacha'ina qaamaa dagaagsuuf kan nu gargaarudha.

## 5.2.1. Afata irra utaaluu

Gosti qiriiphaa kanaa barattoonni afata irra dabareen deemaa dhufanii harka isaanii fuula duratti diriirsuun miila tokkoon yokaan lamaan ofduratti utaaluun bifa quphanuun jilba irratti hanga kofti digirii 90 uumamuutti ofirra gad-bu'uun kan dalagamudha. Kana malees bakka tokko dhaabachuun miila tokkoo gara duubaatti dachaasuun olutaaluun deebinee miila lamaan afata irra qubachuun irradeddeebiin kan dalagamudha. Innis faayidaa madaala qaamaa eeguun bakka tokkoo gara bakka biraatti socho'uuf, bakka tokko dhaabannee ol utaaluun deebinee bakka sana osoo hin jijjiiriin qubachuu danda'uudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Bakka dhaabannee qaama gadi buusuun, jilba dabsuun harka gara miilaatti gadi diriirsuun humna guddaa fudhachuun olka'uuf qophii taasisuu.
- Yeroo olkaanu jilbaafi harka sirriitti oldiriirsuu.
- Qaama sirriitti diriire gara qilleensa keessaatti miila afata irraa olkaasuu.
- Qaama qilleensa keessa ture gara gadiitti gadideebisuun harka gara fuula duraatti diriirsuu.
- Jilba irratti dabsuun madaala qaamaa eeguun achumarra turuufi irra deddeebiin shaakaluudha.





Miila lamaan gara fuula duraatti afatarra olutaaluu

## 5.2.2 Afata irra utaalchaan darbuu

Sochiin qiriiphaa kanaa barattoonni afata tokko irraa gara afata biraatti miila tokkoon yokaan miila lamaan utaalaa darbuun kan dalagamudha. Kunis bifa fiigichaan suuta suuta dalaguufi erga dandeettii gabbifannee booda ariitiin afata irra utaalchaan darbuun kan dalagamudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Afata irra sochii bifa fiigichaan amma dhuma afataatti socho'uun dalaguu.
- Dhuma afataa irraa ka'uun gara afata biraatti miila tokkoon yokaan lamaan utaaluu shaakaluu. Haaluma kanaan madaala qaamaa eeggachuun suuta suutaan, gara ariitiin dalaguutti ce'uufi irra deddeebiin shaakaluudha.



Miilan afata irra utaaluun darbuu

## 5.2.3 Qaama hundaan afatarra garagaluu

Sochiin qiriiphaa kun qaama hundaan hafata irra ciisuun gara bitaatti yokaan gara mirgaatti garagaluu dha. Innis dandeettii qaama mudhii oliifi mudhii gadii wal-qabatee yokaan wal-ta'ee gara kallattii barbaadneetti akka naannesinuuf kan gargaarudha.

## Akkaataa shaakalaa

- Dursa sirriitti qaama ho'ifachuufi diddiriirfachuu.
- Guutummaaguutuutti afata irra gad-galagaluun

yokaan ol-galagaluun ciisuu.

- Qaama guutuu mudhii oliifi gadii wal-faana gara kallattii barbaadameetti jechuun bitaa yokaan mirgatti sochoosuu, naannessuu yokaan gaggaragaluu.
- Kallatti turame sana irra guutummaaguutuutti ofirra naanna'uu yokaan garagaluufi kallatti jijjiiruun hojjechuu.
- Irra deddeebiin shaakaluu.



Qaama guutuun afata irra garagaluu

## 5.2.4 Fuula duratti garagaluu

Fuula duratti garagaluun sochiilee qiriiphaa bu'uraa keessaa tokko ta'ee, barattoonni haala ofeeggannoon dandeettii ulfaatina qaama isaanii mataa irra dabarsuun garagalanidha.

## Akkaataa shaakalaa

- Dursa qaamaa ofii sirriitti ho'ifachuu.
- Harka lamaan hanga bal'ina ceekutti bal'isuun gara fuula duraatti diriirsuun dhaabbachuu.
- Harka akka diriirsanii dhaabataniin koomee irra gadi taa'uu yokaan quuphanuu.
- Koomee irra akka gadi taa'anitti yokaan quphananitti harka lamaaniin lafa qabachuu.
- Harkaan lafa erga qabatanii booda teessuma irraa olka'uun ulfaatina qaamaa harka lamaan irra oolchuun qaama fuula duratti suuta suutaan geessuudhaan ceekuu gara keessaatti deebisuun gara fuula duraatti galagaluu.
- Erga garagalaniin booda harka bal'ina ceekuutiin banuudhaan olka'uun dhaabachuu.
- Haaluma kanaan irra deddeebiin shaakaluu.



Qiriiphaa gara fuula duraatti gaggaragaluu

## Cuunfaa boqonnaa kanaa

Qiriiphaa bu'uuraa jechuun gosa qiriiphaa keessaa tokko ta'ee, shaakala sochii qaamaa tartiibawaa meeshaalee kan akka afata, funyoo/haadafi wantoota xixiqqoo fayyadamuun dandeettii jabeenya qaamaafi dadacha'ina qaamaa dagaagsuuf kan nu gargaarudha. Gosoonni qiriiphaa bu'uuraa hedduutu jiru. Isaanis harkaan dhaabachuu, mataan dhaabachuu, gara fuula duratti garagaluu, gara cinaachatti ofirra garagaluufi kan kana fakkaatanidha. Qiriiphaan namoonni jabeenyaafi boca qaamaa miidhagaa akka qabaataniif faayidaa guddaa qaba.

Shaakalli sochii qiriiphaa jabeenyaafi boca qaamaa cimsan sochiilee kanneen akka harkaan dhaabachuu, harkaan madaala/ulfaatina/ qaamaa baachuun dhaabachuu, madaala qaamaa eeguun miila tokkoon dhaabachuu, meeshaalee adda addaarratti harkaan ulfaatina qaamaa baachuun dhaabachuufi kan kana fakkaatanidha.
Walumaagalattii shaakala idilaawaa qiriiphaa bu'uuraa qabaachuun fayyaa barattootaafi akkasumas namoota umurii adda addaaratti argamaniif bu'aa olaanaa qaba.

## Gilgaala boqonnaa kanaa

I. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun hima sirrii ta'e 'DHUGAA' yoo sirrii hin taane immoo 'SOBA' jechuun deebisi.

1. Shaakalli sochiilee qiriiphaa bu'uuraa dandeettii

guddina qaamaa, si'ayina, dadacha'uufi humnummaa maashaalee dagaagsuuf ga'ee hin qabaatu.

2. Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa meeshaa maleefi meeshaalee sasalphoo naannoo keenyatti argaman fayyadamuun shaakaluun nidanda'ama.

II. Gaaffilee asiin gadii sirriitti dubbisuun deebii qubee sirrii ta'ee filadhu

1. Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa jabeenyafi boca qaamaa mudhii olii kan dagaagsu isa kami?
   A. Lafa dhiibanii ka'uu
   B. Harkaan dhaabachuu
   C. Madaala qaamaa harkarra gochuu
   D. Hundi deebiidha

2. Sochiilee qiriiphaa bu'uuraa jabeenyafi boca qaamaa mudhii gadii kan dagaagsu isa kami?
   A. Lafa dhiibanii ka'uu
   B. Harkaan dhaabachuu
   C. Madaala qaamaa eeguun miila tokkoon dhaabachuu
   D. Madaala qaamaa harkaarra gochuu

III.Gaaffilee asiin gadiif deebii gabaabaa kennuun deebisi.

1. Faayidaalee qiriiphaa bu'uuraa yoo xiqqaate afur barreessi.
2. Shaakala sochiilee qiriiphaa bu'uuraa lafarrattiifi meeshaa irratti dalagaman yoo xiqqaate sadii sadii barreessi.

# BOQONNAA JA`A

# SHUBBISA AADAAFI TAPHOOTA AADAA SADARKAA NAANNOOTTI

## Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Shubbisa aadaafi taphoota aadaa beekamoo naannoo kee jiran adda baastee nimul'ista.
- Ga'ee shubbisni aadaafi taphoonni aadaa bebbeekamoon jireenyafi fayyummaaf qaban nidinqisiifatta.
- Shubbisa aadaafi taphoota aadaa beekamoo dagaagina qaamaatiif fayyadan nidalagda.

## Seensa

Eenyummaa saba tokkoo wantoota ibsan keessaa akkaataan shubbisa aadaa saba sanaa isa tokko dha. Baay'inaa uummataa, bal'ina lafaa, loqoda afaaniifi bakka jireenyaa/godina irratti hundaa'uun shubbisni aadaa gosa adda addaa qabaachuu nimala. Haaluma kanaan akka biyya keenyaattis sabaafi sablammoonni saddeetamaa ol ta'an akkaataa shubbisa aadaa isaanii karaalee adda addaatiin sochii qaamaan walsimsiisaa kan dalagan ta'uun isaa beekamaadha. Sabaafi sablammoota biyya keenyaa jiran hedduu keessaa sabni

Oromoo isa tokkodha. Haa ta'u malee bal'ina lafa Oromiyaa irraa kan ka'e shubbisni aadaa Oromoo ogummaa raawwii sochii qaamaa hedduu qaba. Boqonnaa kana keessaatti mata dureewwan barataman shubbisa aadaa beekamoo naannoo barattoonni jiraniifi taphoota aadaa beekamoo naannoo barattoonni jiranii bal'inaan kan ilaalamanidha. Qabiyyeewwan boqonnaa kanaa asiin olitti ibsaman tokko tokkoon asiin gadiitti kan ilaallu ta'a.

## 6.1 Shubbisa aadaa beekamoo naannoo barattoonni keessa jiraatanii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban**

Xumura barannoo kanaa booda;

- Gosoota shubbisa aadaa naannoo keetti argaman nihimta.
- Shubbisa aadaa naannoo keetii nidinqisiifatta.
- Shubbisa aadaa naannoo keetii shubbistee ni agarsiista.

Gocha:6.1

1. Gosoonni shubbisa aadaa naannoo keetti argaman maal fa'i?
2. Shubbisa aadaa naannoo keetti beekaman keessaa tokko filachuun walaloofi yeedaloo isaa barattoota daree keetif himi.

3. Faayidaalee shaakalli shubbisa aadaa fooyya'insa qaamaa keenyaaf qabu maal fa'i?

Sabni Oromoo saba biyya keenyaa keessaa baay'ina ummataafi bal'ina lafaa qabuun isa guddaadha. Innis akkaataa ogummaa shubbisaafi sochii qaamaa mataa isaa kan qabudha. Shubbisni aadaa Oromoo akkaataa godinaalee Oromiyaa keessa jiranitti hundaa'uun garaagarummaan nimul'ata.

Fakkeenyaaf,

- Booranatti hoohaayyoo yokaan garbaafi shumbee
- Wallaggaatti kumkummee, emmooleefi gelloo
- Shawaatti ragadafi dhiichisa
- Arsiitti tirrii
- Baaleetti ishkummee
- Karrayyuutti ee'iyyaa
- Harargeetti shagooyyeefi mirrisa.
- Wallootti Hammisafi sidaammee
- Jimmaatti gaditumeefi oltummee jedhamuun beekamu.

## Faayidaalee sochii shubbisa aadaa

- Fayyummaafi jabeenya qaamaa cimsa
- Currisaafi hawaasummaa barattootaa cimsa
- Dandeettii yaaduu barattootaa nicimsa.
- Humnummaa onneef sombaa nidagaagsa.

- Maashaalee mormaafi miilaa nicimsa.
- Dandeettii dadacha'uu maashaalee qaamaa nicimsa.
- Dandeettii diddiriiruu maashaalee qaamaa guddisa.
- Ulfaatina qaamaa hir'isuufi kan kana fakkaatanidha.

## Shaakala shubbisa aadaa beekamoo muraasa naannoo barattoonni keessa jiraatanii

Shubbisni aadaa Oromoo gosa addaa addaa akkaataa shaakalaafi sona shaakalaa mataa isaanii niqabaatu. Shubbisoonni kunneenis sababoota ittiin shubbifaman kan mataa isaanii niqabaatu. Fakkeenyaaf shubbisni dhiichisa jedhamu Oromoata tuulamaa biratti gootummaa isaanii ittiin ibsachuuf kan shubbisan yoo ta'u, Oromoota maccaa biratti immoo kumkummeen dargaggoonnifi shamarran miira jaalalaa waliif qaban ittiin ibsachuuf yeroo addaa addaatti kan shubbisanidha. Akkaataan shaakala shubbisa aadaa haala yeroo shubbisichaafi kaayyoo isaarratti hundaa'uun kan shaakalamudha. Akkaataa shaakala sochii shubbisa aadaa ittiin shaakalan keessaa muraasni isaanii kanneen asiin gadiiti:

- Qaama sirriitti ho'ifachuun daran barbaachisaadha.
- Shaakala qaamaa jabeenya maashaalee qaamaa mudhii oliifi mudhii gadii cimsan riitimii muuziqaa

waliin walsimsiisuun dalaguu.

- Sochii mormaa, gateettiifi miilaa sagalee muuziqaa waliin walsimsiisuun shaakaluu.
- Qaama gara bitaafi mirgaatti tartiibaan jallisuun sagalee muuziqaan walsimsiisaa sochii qaamaa shaakaluu.
- Miila akkaataa barbaachisummaa shubbisichaatiin waliin walsimsiisuun rukuttaa muuziqaa eeguun shaakaluu.
- Utaaluufi taa'uun asiifi achi deemaa sochii muuziqaa waliin shaakaluu.
- Mormaafi harka sirriitti walfaana sochoosaa riitimii muuziqaa waliin walsimsiisaa sochii qaamaa shaakaluu.
- Akkaataa barbaachisummaa isaatiin harkaafi morma sochoosuun sochii qaamaa shaakaluufi kan kana fakkaatanidha.

## 6.2 Taphoota aadaa beekamoo naannoo barattoonni keessa jiraatanii

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kanaa booda;

- Taphoota aadaa beekamoo naannoo ati jiraattu jiran adda baastee nihimta.

- Taphoota aadaa beekamoo naannoo ati jiraattu jiran taphattee agarsiista.
- Taphoota aadaa beekamoo naannoo ati jiraattu jiran taphattee nidinqisiifata.

Gocha:6.2

1. Taphoota aadaa naannoo keetti beekaman tarreessi?
2. Yeroo taphoonni aadaa naannoo keetti argaman itti taphatamanfi akkaataa tapha isaanii daree keef ibsi?

Sabni tokko akkaataa aadaa isaa, afaan isaa, haala jiruufi jireenya isaa, gootummaa isaafi beekumsa isaa ittiin ibsatu hedduu qaba. Haala jiruufi jireenya saba tokkoo kanneen ibsan keessaa akkaataan tapha aadaa saba sana isa tokkodha. Taphoonni aadaa naannoo Oromiyaa keessatti hawwaasni Oromoo yeroo dheeraaf itti fayyadamaa tureefi jiru naannoo tokkoo gara naannoo biraatti adda addummaa haa qabaatu malee heedduutu jiru. Kanneen keessaa muraasni isaanii kanneen akka tapha aadaa saddeeqaa, tapha aadaa korboofi tapha aadaa wallaansoo irratti xiyyeeffannee kan barannuta'a.

## A. Tapha Aadaa Saddeeqaa

Taphnii aadaa saddeeqaa taphoota aadaa ummata naannoo adda addaa heedduu keessaattii kan taphatamuu danda'udha. Haa ta'u malee yeroo baay'ee maangudoonni qofaatti yeroo

taphatan nimul'ata.

Taphnii kun faayidaa heedduu kan qabu yommuu ta'u isaan keessaa muraasni;

- Dandeettii Sammuu barattootaa dagaagsa.
- Dandeettii murtee kennuu akka shaakalan nitaasisa.
- Aadaa waldanda'uu duran qaban ittiin gabbifatu.

## Akaakuu Tapha Saddeeqaa

Taphni aadaa saddeeqaa naannoo adda addaa keessatti waan taphatamuuf gosa garaagaraa qaba. Haata'u malee taphni kun walumaagalatti akaakuu lamatti qoodama.

1. Abbaa boolla 12
2. Abbaa boolla 18


Taphni saddeeqaa seeraafi dambiin baheefi akka biyyoolessaatti taphoota aadaa dorgommiin geggeefaman keessaa isa tokkodha.

Hubachiisa – Barannoo kana keessattii tapha aadaa saddeeqaa boolla 12 irratti xiyyeeffanna.

### Tapha aadaa saddeeqaa abbaa boolla 12

Taphni aadaa saddeeqaa abbaa boolla 12 gosa afur qaba. Isaanis saddeeqa tokko kaasuu, lama kaasuu, sadii kaasuufi afur kaasuun taphatama. Innis kan jalqabu taphattoota lama gidduutti carraa buusuun gosa taphaa filatan irratti

hundaa'un jalqaba. Taphataan dursa carraa argate jalqaba boolla saddeeqaa mana isaa jahaffaa irraa ka'uun bitaa gara mirgaatti, gara mana taphataa isa faallaatti taphata. Taphataan inni lammaffaas kallattii bitaa gara mirgaa itti yaaduun akkaataa mana itti ijaarratutti boolla gama kansaa ta'e kan barbaade keessaa ka'uun tapha itti fufa. Gabateen irratti taphatamu wantoota garaagaraa irraa qophaa'uu nidanda'a. Isaanis muka furdaa roga- afur kan qaburraa, lafa diriiraafi kan sirraa'e irraa, mukoota gurguddoo soqaman irraafi dhoqqee irraa tolfameefi kan kana fakkaatanirraa qopheessuun nidanda'ama. Innis bifa roga- afur kan qabuufi dheerina 84cm fi bal'ina yokaan dalgee 27cm kan ta'een hojjatamuu kan qabudha. Boolli saddeeqaa sarara lamaan jaha- jaha kan qabuufi gama lamani (bitaafi mirgaa) boolla saddeeqni keessa kuufamu dabalatee hojjatama. Tokko tokkoon boolla geengoofi diyameetira 6cm fi gadi fageenya 2cm ta'uufi dalgeen (bal'inni boollaa) 5cm walirraa fagatanii hojjetamanidha.



Boolla sadeeqaa abbaa 12

## Akkaataa shaakalaa

- Taphni saddeeqaa taphataa garee tokkoo taphataa tokkoon /baaqqeen/ kan taphatamu dha. Gareen tokko dorgomaa tokko qofa dhiyeessuun kan taphatamu dha.
- Taphichi kan jalqabamu gabatee saddeeqaa taphattoota lamaan gidduu kaa'uudhaan.
- Taphattoota lamaaniif carraatu bu'a.
- Tokkoon tokkoo taphattootaa boollaa bitaa gara mirgaa lakkaa'uun boolla jaha jaha fudhatu.
- Walumaagalatti saddeeqa afurtamii saddeeti jiru keessaa taphattoonni lamaanuu saddeeqa digdamii afur afur qoodatu.
- Boolla tokko keessa saddeeqni afur naqamuu qaba.
- Taphataan carraa jalqabuu argate, boolla mana isaa/ishee jahaffaa irraa ka'uun gosa taphaa filataniin bitaa gara mirgaatti taphachuu jalqaba/di.
- Taphataan lammaffaa immoo xiyyeeffannoo guddaa kennuun akkaataa mana boolla isa faallaa itti bitutti yaaduun boolla mana isaa kan barbaade irraa ka'uun taphata.

Haaluma kanaan taphni itti fufee taphataan saddeeqa ittiin taphatu yoo dhabeefi boolla caalaa keessa saddeeqa naqachuu danda'e, mo'ataa jedhama.

## B. Tapha aadaa korboo


Tapha aadaa korboo akaakuu sadiitti qoodanii ilaaluun nidanda'ama. Isaanis

- Dhaabbiin korboo lafarra konkolaattu waraananii dhaabuu.
- Korboo qilleensa keessatti gad-dhiifamte dhaabbiinis ta'e socho'uun ulee darbatanii amartii/geengoo korboo keessa loosuu, baasuu/dabarsuu.
- Farda gulufuun korboo naannooftu waraananii dhaabuu.

Akaakuwwan tapha korboo olitti ibsaman keessaa dhaabbiin korboo lafarra konkolaattu waraananii dhaabuu baranna.


### Dhaabbiin korboo lafarra konkolaattu waraananii dhaabuu

Akaakuu korboo keessaa inni kun akka biyyoolessattii saalaafi umuriin osoo hin daangessiin kan taphatamudha. Tapha kanaaf meeshaaleen barbaachisan amartii/geengoo, muka, sibiila, pilaastikiifi kanneen dadacha'uu danda'an irraa qopheessuun nidanda'ama.




Amartii/geengoo korboo

**Ulee**- uleen korboo muka qallaarraa kan qophaa'uufi fiixee gama tokkorratti sibiila qara qabu akka lafa waraanuuf kan keessa galchuun hojjetamuufi dheerinni isaa koorniyaa lamaanuuf wal qixa meetira lamaafi furdinni diyaameetira 6cm dha.




Ulee korboo

Tapha korboo irratti gartuun tokko taphataa lama tapha tokko irratti dhiyeefata. Ga'een taphattota kanaas garaagara.

- tokko geengoo darbatee kan konkolaachisu yoo ta'u
- kan lammataa immoo ulee darbatee/ttee keessa geengoo waraanee/tte dhaabu/du dha.

## Akkaataa shaakalaa

Tapha korboo kan taphachiisan garee sadiitu jiru. Isaanis

a. Taphachiisaa 1ffaa　　b. Qabxii galmeessaa
c. Kan yeroo galmeessuu

- Taphichi kan taphatamu dhaabiin /socho'uun geengoo korboo waraananii dhaabuufi darbattoonni naannoo saraara dorgommii duuba dhaabachuun sarara eeyyamame keessa kan naannooftu amartii/geengoo korboo sarara keessaa osoo hin bahiin amartii keessa waraanuun dhaabuudha.

- Darbataan sirriitti xiyyeeffatee ulee darbatee geengoo korboo waraanuun ulee lafatti dhaabuu qaba.
- Qabxii galmeessisuuf qindoominni darbataafi geengoo darbatu gidduu jiru murteessaadha.
- Dorgomtoonni dorgommiif galmaa'an tartiibeessuuf jalqaba carraa kaasuu.
- Taphichi jalqabamusatiin dura yaalii darbannaa tokko tokko garee hundaaf kennama.
- Taphattoonni lamaanuu (kan darbatuufi naanneessu) iddoo sirrii ta'uun taphicha isaanii gaggeessuu.
- Gareen tokko dorgommii isaa gaggeessuuf tartiiba isaa eeguun dhiyaachuu qaba.
- Darbataan amartii korboo naannoo naanna'insaa keessa naannoftu waraanuun dhaabuu qaba.

## Qabxii qabannaafi xumura

Darbannaa tokkoof geengoo korboo naannooftu waraanee yoo dhaabe qabxii lamatu kennamaaf. Kunis guutummaaguutuutti ulee lafa keessatti yoo dhaabee qofa. Haata'u malee uleen amartii/geengoo korboo waraanee erga lafa keessa dhaabee carraa darbannaa lama marsaa tokko keessatti kennamaaf.

Qabxiin gartuu tokko tokkoon isaanii marsaa sadan taphataman keessatti galmeessiisan ida'ama isaaniitiin gareen gartuu mo'atee adda nibaha.

Gareen ida'ama qabxiin wal qixa ta'ee argameetti dabalataan marsaa tokkotu kennamaaf. Kunis ta'ee yoo ammas wal- qixa bahan carraa kaasuun gartuu mo'e addaan baasuu.


Hubachiisa: Amartii/geengoo korboo keessa uleenyoo lootee/ baatee lafa waraantee dhaabuubaatte qabxiin hin qabamuuf.

## C. Tapha aadaa wallaansoo

Taphni wallaansoo yoom, eessatti akka jalqabame ragaan qabatamaa ta'e hinjiru. Jabeenyi irree namoota durii kan murtaa'uf wallaansoon beekamtii guddaa yoo argatan qofa akka ta'e seenaan nihima. Akka biyyoolessaatti dorgommii-fi barumsi osoo hin jalqabiin dura araddaafi naannoon wal-filuun umurii wal fakkaataan dorgommii geggeessaa turan. Namni mo'ate hoogganaa cimaa jedhamuun moggaafama. Yerooammaataphniaadaawallaansoomanabarumsaaol-aanaafi biyyattiikeessattibabal'ateera.Dorgommiikaraafedereesh-inii ispoortii aadaatiin qophaa'u irratti naannooleefi magaalota addaa lama gidduutti dorgommiin irratti gaggeeffamaa jira.

### Meeshaalee

Afata- jechuun taphni kan irratti gaggeeffamuufi ispoonjii irraa kan hojjetamedha.




Bakka dorgommiin wallaansoo itti gaggeeffamu



Wallaansooo

Hubachiisa: Mana barumsaa tokko tokko keessatti afata argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Yeroo kana marga irraa tolchuun nidanda'ama. Kana malees, dirree diriiraa bal'inafi dheerina safaruun gidduu isaa irratti cirracha bulla'aa guutuun taphicha gaggeessuun nidanda'ama.

## Uffannaa

Tapha yokaan yeroo dorgommiitiif uffanni taphattootaa bal'aa, salphaafi kan qaamatti hin maxxanne ta'uu qaba. Uffannaan kan aadaa ta'uu qaba. Haa ta'u malee yoo uffatni

aadaa dhabame uffannaa ispoortii fayyadamuun nidandama. Kana malees mudhii oliifi isaa gadii qaama qullaa ta'anii dorgommii yokaan tapha keessatti hirmaachuun hin danda'mu. Taphichi miila qullaa/duwwaan geggeeffama.

## Dorgommii irratti taphattoonni wantoota gochuu hin qabne

- Qaama ofii waan adda addaan dibuun dhorkaadha.
- Qeensa harkaafi miilaa, areeda guddisanii galuun hin danda'amu.
- Yeroo dorgommiin geggeeffamaa jirutti rifeensa mataafi uffataa morkataa qabun niadabsiisa.
- Amala yokaan naamusa taphataa tokko irraa eegamu guuttachuun tapha irratti hirmaachuun taphataa wallaansoo tokko irraa waan eegamudha.

### Akkaataa shaakalaa

Akkuma taphoota kaanii taphataan wallaansoo irrattis yeroo taphachiisaan eeyyamutti dorgomttoonni gara waltajjii dorgommiitti bahu.

- Dorgomttoonni akaakuu wallaansoo taphichaa irratti ittiin morkatan carraa kaasuun murteessu.
- Jalqaba marsaa 1ffaafi 3ffaa irratti morkattoonni carraa ni kaasu.
- Akkaataa walqabachuu taphataan carraa argate filateen taphachiisaan firimbiidhaan taphichaa jalqabsiisa.

## Marsaa dorgomichaa

Dorgommiin wallaansoo tokko marsaa sadii keessatti xumurama. Haata'u malee dorgomtoonni qabxii marsaa sadii keessatti argataniin abbaa mo'ate adda baasuun, yoo qabxiidhaan wal qixa ta'an dabalataan marsaa tokkotu kennamaaf. Marsaa dabalataa kana keessatti daqiiqaa sadii gidduutti dorgomaa dafee qabxii galmeesisetu mo'ata. Garuu yoo qabxiin galmaa'uu baatee wal qixa ta'an carraadhaan abbaa mo'ate murtaa'a.

## Yeroo dorgommii

Taphni wallaansoo akkuma mata-duree gubbaa/darbee/ irratti ilaalleetti marsaa sadii kan qabudha. Marsaan kun daqiiqaa sagal kan qaban yoo ta'u, marsaa sadan keessatti daqiiqaa sagal qoqqooduun taphatama. Marsaa sadaan kana gidduu daqiiqaa tokkotu boqonnaadhaaf kennama.

## Taphachiisaa

Tapha wallaansoo irratti taphachiistonni taphicha gaggeessan baay'inaan afur yoo ta'an ga'eefi dirqama kophaa kophaa taphiichaa irratti niqabu. Isaanis taphachiisaa 1ffaa, qabxii qabaa, kan yeroo hordofuufi ogeessa fayyaadha.

Hubachiisa: yeroo barattoonni wal-dorgoman koorniyaadhaan, ga'umsa qaamaan, dheerina hojjaafi ulfaatina walfakkaataan wal-dorgomsiisuu nidandeenya.

## Xumura Taphichaa

- Mo'ataan taphaa morkataa isaa yoo kuffiifate taphachiisaan firimbii afuufuun xumura marsaa sanaa beeksisa.
- Walmorkiin marsaa sadanii yeroo xumuramu taphachiisaan firimbii afuufuun xumura wal morkii nibeeksisa.

## Cuunfaa Boqonnaa kanaa

Sabni tokko shubbisa aadaa kan mataa isaa akka qabu wal-nama hinmormiisiisu. Shubbisni aadaa naannoo barattoonni keessa jiranii akkaataa godinaa irratti hundaa'uun iddoo baay'eetti qoodamu. Isaanis kanneen akka geelloo, kumkummee, shubbisa, dhiichisa, tirrii, shaggooyyee, ee'iyyaafi kan kana fakkaatanidha.

Shaakalli shubbisa aadaa fayyaa qaamaafi sammuu barattootaaf faayiidaalee hedduu qaba. Sabni tokko haala jiruufi jireenya isaarratti hunda'uun taphoota aadaa kan eenyummaa sabichaa ibsan qabaachuu nimala. Taphoonni aadaa beekamoon naannoo barattoonni jiranitti argaman heedduutu jiru. Isaanis tapha saddeeqaa, korboo, wallaansoofi kan kana fakkaatanidha.

Walumaagalatti shubbisni aadaafi taphootni aadaa beekamoon naannoo barattoonni jiranii haala gaariin kan dalagaman yoo ta'e barattoonni akka salphaatti aadaa saba isaanii guddisuufi dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf faayidaa olaanaa qaba.

## Gilgaala boqonnaa kanaa

### I.Gaaffilee asiin gadii sirrii yoo ta'e 'DHUGAA' jechuun yoo dogongora ta'e immoo 'SOBA' jechuun deebisi.

1. Sabni tokko shubbisafi taphoota aadaa mataa isaa niqaba.
2. Geelloon shubbisa aadaa Oromoota Booranaa

biratti bal'inaan beekamudha.

3. Dhiichisni shubbisa aadaa giddu galeessaa Oromiyaatti beekamudha.
4. Shubbisni aadaa fayyaa barattootaa guddisuuf ga'ee guddaa hinqabu.
5. Shaakalli shubbisa aadaafi sochiin qaamaa walitti dhufeenya hinqaban.

II. Kanneen roga 'A' jala jiran kanneen roga 'B' jalatti tarreefaman waliin walitti firoomsi.

| A | | B |
|---|---|---|
| 1. Ee'iyyaa | A | Shuubbisa Shawaatii beekamu |
| 2. Mirrisa | B | Shubbisa aadaa Harargeeti |
| 3. Ishkummee | C | Shubbisa aadaa Baaleetti Beekamu |
| 4. Tirrii | D | Shubbisa aadaa Iluu Abbaa Booraati |
| 5. Hammisa | E | Shubbisa aadaa Oromoo Karrayyuu |
| 6.Gaditumeefi oltumee | F | Shubbisa aadaa godina addaa Wallooti |
| | G | Shubbisa aadaa Arsiitti beekamudha |
| | H | Shubbisa aadaa Wallaggaati |
| | I | Shubbisa aadaa godina Jimma |

III.Gaaffilee asiin gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Gosoota taphoota aadaa naannoo keetti argaman yoo xiqaate afur barreessi.
2. Akkaataa shaakala tapha aadaa saddeeqaa abbaa boolla 12 barreessi.